# XIINXALA AFWALALOO SIRBA WADAAJII OROMOO SALAALEE AANAA HIDHABUU ABOOTEE

**TASHOOMAA TOLAA AYYAANEE**

**GORSAA: XILAAHUUN TALIILAA (PhD.)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA(MA) AFAAN OROMOO BARSIISUU GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**YUUNIVARISTII ADDIS ABABAA KOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI SAB QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKILOORII**

**SADAASA, 2014/2021**

**FINFINNEE**

**YUUNIVARISTII ADDIS ABABAA KOLLEJJII NAMOOMAA,**
**QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI**
**SAB QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU**
**FI FOOKILOORII**

# XIINXALA AFWALALOO SIRBA WADAAJII OROMOO SALAALEE AANAA HIDHABUU ABOOTEE

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**
**AFAAN OROMOO BARSIISUU GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**TASHOOMAA TOLAA AYYAANEE**

**GORSAA: XILAAHUUN TALIILAA (PhD.)**

**SADAASA, 2014/2021**
**FINFINNEE**

## Ibsa

Ani maqaafi mallattoon koo armaan gaditti kan argamu waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kook an ta’eefi kanaan dura digirii gosa kamiifiyyuu kan hin dhiyaanne ta’uu isaafi wabiin itti gargaarame hunda kanan beeksise ta’uu koo  nan mirkaneessa.

Maqaa________________________________________________________________________

Mallattoo_____________________________________________________________________

Guyyaa_______________________________________________________________________

Waraqaan qorannoo kun ulaagaa kan guute ta’uu isaa nan mirkaneessa.

Maqaa________________________________________________________________________

Mallattoo_____________________________________________________________________

Guyyaa_______________________________________________________________________

# *Galata*

*Duraan dursee qorannoo koo kana bifa hawwataa ta'een dogoggoroota jiru mara naaf sirreessuun xummuree akkan dhiyeessuuf kan na garagaaraa ture gorsaa koo kan ta'e Dr. Xilaahuun Taliilaa guddiseen galateeffadha. Itti aansuun waa'ee mata duree qorannoo kiyyaa irraatti jalaqabaa qabanii hanga dhumaatti yaadaafi odeeffannoon barbaadu gama maraan kan na deeggaran hiriyoota koo daragaggoo Tasfaayee Abeebeefi Fayyeeraa Taaddasaa guddiseen galateeffadha.Dabalataanis waa'ee afwalaoo sirba wadaajii irratti sirboota hedduu sirbamaa turan natti himuun kan na garagaaraa turan hundaaf galatni koo dachaadha.Walumaagalatti waa'ee qorannoo koo irratti kallattiinis ta'ee alkallattiin guummacha taasisaan hundaaf galata koo dachaadha.*

# *Axereeraa*

*Kaayyoon qorannoo kanaa akka waliigalaatti afwalaloo sirba wadaajii Oromoo Salaalee aanaa Hidhabuu Abootee qaaccessuudha. Ka'uumsi qorannoo kanaa inni ijoon afwalaloon sirba wadaajii yeroo ammaa kana dagatamuu, bifa barreeffamaatiin olkaawwamee dhabamuu, bifa qorannootin hawaasaaf bahee mul'achuu dhiisuu fa'aan qorataa kana akka madda rakkootti qorannoo kanaaf karaa baneera. Kaayyoowwan kunneen galamaan gahuufis qorataan kitaabilee waa'ee afawalaloo sirba wadaajiin wal qabatan sakatta'amaniiru. Askeessattis odeeffannoowwan madda ragaa* $1^{ffaa}$ *fi* $2^{ffaa}$ *kallattii maraan kan fayyadamame yoo ta'u, madda raga* $1^{ffaa}$ *mala iddatteessuu kaayyawaafi darbaa dabarsaan qaacceffamuuf kan filatameedha. Udeeffannoo madda raga* $1^{ffaa}$ *irraa funaanuuf daawwannaafi bifa afgaaffiitiin hojiirra kan oolan ta'ee, odeeffannoowwan tooftaalee kanaan walitti qabaman tooftaa qorannoo akkamtaan yookan ibsaan qaacceffamaniiru. Adeemsa kanneen keessa darbuun argannoowwan qabxiilee gurguuddoo shan qaban cuunfamanii kaawwamaniiru. Dabalataanis yaadonni furmaataa rakkoo qorannoo kanaafi afawalaloo sirba wadaajii ta'an qabxiilee muraasan cuunfamanii kaawwamaniiru.*

**BAAFATA FUULA**

## BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1.Seenduubee qorannichaa---------------------------------------------------------------------------6

1.2.Ka'umsa qorannoo---------------------------------------------------------------------------------9

1.3.Kaayyoo Qorannoo-----------------------------------------------------------------------------10

1.3.1.Kaayyoo Gooroo----------------------------------------------------------------------------10

1.3.2.Kaayyoo Gooree-----------------------------------------------------------------------------10

1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa-------------------------------------------------------------11

1.5.Daangaa Qorannoo-----------------------------------------------------------------------------12

1.6.Hanqina Qorannoo------------------------------------------------------------------------------12

**1.7.Ibsa bakka qorannichaa**------------------------------------------------------------------13

**BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU**

**2.1.Hiikaafi eessaa dhuftee fookiloorii**---------------------------------------------------------16

2.1.1.Gooroowwan Fookiloorii-----------------------------------------------------------------18

2.1.1.1.Aartii sochii qaamaa-----------------------------------------------------------------19

2.2.Afwalaloo------------------------------------------------------------------------------------21

2.2.1.Amaloota afwalaloo---------------------------------------------------------------------21

2.2.2.Faayidaa afwalaloo---------------------------------------------------------------------23

2.2.3.Gosoota afwalaloo----------------------------------------------------------------------23

2.1.1.2. Duudhaa Hawaasaa---------------------------------------------------------------24

2.1.1.1.2.1. Adeemsa fuudhaafi heeruma hawaasichaa----------------------------------------25

2.3. Maalummaa Wadaajii-------------------------------------------------------------------27

2.4.Yaaxxinaalee/dayeessota qorannoo Fookiloorii--------------------------------------------38

2.4.1.Yaaxxina tajaajilaa---------------------------------------------------------------------27

2.4.2.Yaaxxina haalaa-------------------------------------------------------------------------28

2.5.Sakatta'a Barruu walfakkii------------------------------------------------------------28

BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA

3.1.Saxaxa Qorannichaa--------------------------------------------------------------------32

3.2.Irraawwatama Qorannichaa--------------------------------------------------------------32

3.4.Mala iddatteessuu-------------------------------------------------------------------------32

3.5.Malleen funaansa ragaalee----------------------------------------------------------------------34
3.5.1.Afgaaffii-----------------------------------------------------------------------------------------34
3.5.2.Daawwannaa-----------------------------------------------------------------------------------35
3.6.Meeshaalee odeeffannoo----------------------------------------------------------------------35
3.7.Tooftaalee qaaccessa ragaalee------------------------------------------------------------36
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE
4.1.Maalummaa Sirba Wadaajii---------------------------------------------------------------------37
4.2.Hariiroo Wadaajiifi Kennaa Wadaajii Sirba Wadaajii keessatti--------------------------------38
4.2.1.Kennaa karameellaa baalamaarii sirba wadaajii keessatti-----------------------------------39
4.2.2.Kennaa shaashii shaarbii sirba wadaajii keessatti------------------------------------------41
4.2.3.Kennaa loomii darbannaa sirba wadaajii keessatti---------------------------------------43
4.2.4.Kennaa urgooftuu,harrittaafi ujubaana sirba wadaajii keessatti---------------------------43
4.3.Faayidaa Kennaan Wadaajii biratti qabu------------------------------------------------------44
4.4.Akkaataa Sirba Wadaajii Ragada Salaalee keessatti------------------------------------------45
4.4.1.Qeerroofi qarreen toora tokko galuun sirba sirbamu-------------------------------------45
4.4.2.Qeerroofi qarreen walkeessa makamuun sirba sirbamu---------------------------------47
4.4.3.Qeerroofi qarreewwan qofaa qofaa isaanitti bahanii walitti marsuun sirba sirbamu-48
4.5.Yoomessa Dhiyaatina Sirba wadaajii-------------------------------------------------------49
4.5.1.Sirba wadaajii yeroo ayyaana waggaa------------------------------------------------------49
4.5.2.Sirba wadaajii yeroo coqorsa guuraa-------------------------------------------------------50
4.5.3.Sirba wadaajii yeroo qoraan cabsaa--------------------------------------------------------52
4.6.Jaalalaafi turtii jaalalaa sirba wadaajii keessatti-----------------------------------------54
4.7.Haala sirbi wadaajii yeroo ammaa kana irra jiru-------------------------------------------55
4.8.Gahee hirmaattota sirba wadaajii-------------------------------------------------------56
4.9.Gosoota Qabiyyee Sirba Wadaajii---------------------------------------------------------57
4.9.1.Sirba wadaajii yaaddoo agarsiisu-------------------------------------------------------57
4.9.2.Sirba wdaajii bareedina jaalallee dinqisiifatu---------------------------------------------58
4.9.3.Sirba wadaajii namarratti jaalachuu qeequ---------------------------------------------60
4.9.4.Sirba wadaajii jaalalli hiriyaa daran cimaa ta’uu agarsiisu-------------------------------62
4.9.5.Sirba wadaajii qomoo faarsaa alagaa qeequ-------------------------------------------64

4.9.6.Sirba wadaajii daafuree qeequ------------------------------------------------------------------64
4.9.7.Sirba wadaajii hamii garee faallaa Jaalala isaanii qeequ------------------------------------66
4.9.8.Sirba wadaajii muufii agarsiisu-----------------------------------------------------------------67
4.9.9.Afwalaloo Sirba wadaajii gaabbii agarsiisu---------------------------------------------------68
4.9.10.Afwalaloo Sirba wadaajii kan wadaajii dhungatu qeerroo ta'uu akeeku-------------------69
4.9.11Afwalaloo .Sirba wadaajii jaalala dhoksaa qeequ--------------------------------------------70
4.9.12Afwalaloo.Sirba wadaajii jaalalli hiriyaa kan gita hin qabne ta'uu qeequ----------------72
4.9.Seerota Hirmaattonni Sirba Wadaajii osoo gara sirbaatti hin seenin dura beekuu qaban---72
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA,ARGANNOOFI
YABOO QORANNICHAA
5.1.Cuunfaa-----------------------------------------------------------------------------------------------74
5.2.Argannoo ---------------------------------------------------------------------------------------------74
5.3.Yaboo-------------------------------------------------------------------------------------------------75
Wabiilee-------------------------------------------------------------------------------------------------76

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaan kun kutaalee ja'a kan of keessaa qabu yoo ta'u isaanis: Seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaafi hanqina qorannichaatu dhiyaata.

## 1.1. Seen Duubee Qorannichaa

Dhalli namaa jireenya isaa gaggeessuuf qabsoo godhe keessatti qabeenya hedduu horateera. Adeemsa kana keessaatti ammoo ogummaafi beekumsa bal'aa argateera. Aadaa, duudhaa, seenaa, hambaafi qaroomina har'a mul'atan kun bu'aadhuma hojiiwwan ilmaan namaa isa kaleessaati. Innis 'afoola'jedhamuun beekama.

Uummanni Oromoos uummata hortee kuush keessaa tokko yoo ta'u; uummata aadaa, duudhaa, afaan, seenaa bara dheeraa qabuufi seenaa ofii bifa barreeffamaatiin osoo hin taane fookiloriitti fayyadamuun afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti kan dabarsaa tureedha. Akka Asafaan; 2009:12) ibsutti,"Afaanota Afrikaa keesatti dubbatamu keessaa Afaan Oromoo afaan Arabaa, Hawusaafi Suwaayiliitti aanee baay'ina uummata afaanicha dubbatuun sadarkaa afraffaarratti kan argamuudha"jedha. Akka Itiyoophiyaatti ammoo baay'ina uummata afaan Oromoo dubbatuun(%40) ol ta'uu akka danda'u ni tilmaamama. Afaan kunis galaana waan hundaa kan ta'e baattoo aadaafi ogummaawwan garaagaraa afoola of jalaa qaba. Maalummaa afoolaa ilaalchisee hayyoonni afaanii hiika garaagaraa kaa'aniiru.

Hayyoota hiika fooklooriitiif kennan keessa tokko kan ta'e namni Waterman (1996) jedhamu yoo ibsu,"Folkore is that are form, comprising various types of stories, proverbs, spells songs in cantations and other formulas which employs spoken language as its medium." (cited in leach; 1996:19). Fookilooriin ogummaa aartii ta'ee wantoota akka oduu durii , makmaaksa, jechamoota, faaruuwwan, qoricha adda addaafi kan kana fakkaatan kan hammatuufi afoolaan kan daddarbu ta'uu hubachiisa. Dabalataanis hayyoonni akka Dundes (1965:3)fi Dorson (1972:2) fookiloorii yoo ibsan,"Hayyoota dirree qorannoo kanarra jiran hunda kan amansiisuufi tokko taasisu hin mul'atu. Kanarraa ka'uun qorattoonni dirree qorannoo kanaa hiika fookiloorii kennuu caalaa wantoota fookilooriin hammatu tarreessuu wayya" jedhanii kaa'u. Gama biraatiin

firiiwwan (gooroowwan) fookiloorii arfan kan ta'an aartii sochii qaamaa, wanta aadaa, duudhaa hawaasaafi afoola yoota'u; firiiwwan fookiloorii kana keessaa afoolli akka Malaakneh (2003:3) ibsutti, "Oral literature refers to verbal heritage of man kind transimited from generation to generation by word of mouth"jedha. Kana jechuun afoolli meeshaa dhalli namaa dhaamsa yookan seenaa dhalootaa dhalootatti afaaniin dabarsu ta'uu isaati. Afoolli ibsituu aadaafi calaqqistuu eenyummaa uummataati jedha.

Haaluma walfakkaatun afoolli eenyummaafi ilaalcha sabaa,haala beekumsaa, seenaafi qarooma uummataa kan agarsiisu mallattoo sabni tokko saba biraarraa addaan bahee beekamuudha.Tafarii(2004:133) afoolli hojii huccuu miidhaginaa uffatee jiruufi jireenya hawaasaa miidhagsee qindeessuun afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsaa kan tureedha. (Zarihun;
1992:28)akka jedhutti,"Gosoonni afoolaa baay'eedha, Yaata'u malee bakka gurguddoo lamatti hirree ilaaluu ni dandeenya. Tokko bifa hololootiin kan dhiyaatu yoota'u, lammaaffaan ammoo bifa walalootiin dhiyaatanii kan weeddifamani" jechuudhaan kaa'e. Gama afwalaloofi hololootiin waa'ee gaddaa, gammachuu, sirba wadaajii,weedduufi kan kana fakkaatu afoolaan ibsamaa ture. Qorannoon kunis kanuma irratti xiyyeefachuun sirba wadaajii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti maal akka fakkaatu ibsuuf yaalee jira.

Qorannoon kunis kan irratti xiyyeeffatamee gaggeeffamu afoolawwan Oromoo Tuulamaa keessaa isa tokko kan ta'e afwalaloo sirba wadaajii aanaa Hidhabuu Abootee irratti hundaa'uun sirbi kun maal akka fakkaatuufi akkaataa akkamiin akka gaggeeffamu sakatta'uu, qaacceessuufi rakkoolee gama kanaan muudatan addaan baasuun yaada furmaataa barbaaduuf kan gaggeeffameedha. Aanaan Hidhabuu Abootee, Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kaabaa keessatti kan argamu yoo ta'u; aanoolee godina kanaa kudha afur keessaa isa tokkoodha. Aanaan Hidhabuu Abootee Finfinnee irraa kiiloo meetira dhibba tokkoofi shantamii afur Kuyyuufi Warra Jaarsoo, karaa kibbaa aanaa Dagamfi karaa kaabaa immoo aanaa Dharraatiin

daangafamtee jirti. Aanaan kun gandoota baadiyyaa kudha sagaliif magaala tokko walitti ganda diigdama qabdi. Akka lakkoofsa uummataa bara 1999 A. L. I gaggeeffame agarsiisutti baay'inni uummata aanaa Hidhabuu Abootee dhiira 44,248,dhalaa 48,120 waliigalatti = 92,368 kan qabuudha. Akka odeeffannoon bulchiinsa aanaa Hidhabuu Abootee irraa argame ibsutti uummanni aanichaa harki caalu Afaan Oromoo kan dubbatu yoo ta'u, darbee darbee magaala irra warri Afaan Amaaraa dubbatanis ni jiru.

Haala moggaasa maqaa aanichaa akka waajjira Aadaafii Turiizimii aanichaa irraa argadhetti aanaan Hidhabuu Abootee maqaa kana osoo hin argatin dura " Siree morosee" jedhamu mandara xiqqoo tokko jalatti ijaaramtee beekkamti. Bara (1983) A.L.I(akka lakkofsa Itoophiyaa)tti as mataa isheetti hundaa'uudhaan maqaa "Aanaa Hidhabuu Abootee"jedhamuun moggaafamee jira. Moggaasni aanichaas jechoota lama jecha Hidhabuufi Abootee jedhurraa kan dhufe yoo ta'u, sababiin moggaasa isaas gosa Oromoo Tuulamaa keessaa hidda latiinsaa gosa Galaan Hidhabuufi Abootee kanneen jedhaman irraa dhufe. Hidhabuufi Abootee aanicha keessatti kallattii garagaraatin qubatanii argamu. Kanumarraa ka'uun Hiddi latiinsa Galaan keessaa Hidhabuu gama dhihaatin, Aboote ammoo kallattii bahaatin faca'anii qubatan. Hidhabuufi Aboote adeemsa keessa walitti dhufuudhan waltajjii marii gabaabaa erga gaggeessanii booda magaalaa mataasaanii hundeeffachuu akka qaban irraatti waliigalan. Magaalan kunis magaalaa 'Ejeree' akka jedhamuufi guyyaa gaafa sanaarraa eegalee aanichi aanaa Hidhabuu Abootee akka jedhamee moggaafamu walii galan. Sanarraa ka'ee aanichi aanaa Hidhabuu Abootee jedhamee yaamamaa jira jechuudha.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon tokko kan gaggeeffamu callisee osoo hin taane dhimma ka'umsa taasifatee gaggeeffamu qaba. Ka'umsa qorannoo kanaan wal qabsiisee Addunyaan (2011:53-54) gidduutti,"ka'umsi qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti waa'ee uummatichaa dhimma

barreeffamerratti mul’atu; dhimmichas rakkoo yookan qaawwa jiru tokko duuchuufi yaaxxina tokko haaromsuuf ibsa bal’aa dhimmicharratti kennuufi k.k.f ta’uu danda’a.” Akka yaada hayyuu kanaatti qorannoon tokko rakkoo furuuf yookan beekumsa hundeessuufi kan dura ture bal’isuun akka hubannoo hawaasaaf tolu haala mijeessuu ka’umsa godhachuun gaggeeffamuu danda’a. Qorataan qorannoo kanaas beekumsa hawaasaa keessa jiru bal’isuun hubannoo hawaasni beekumsicharratti qabu gabbisuurratti kan xiyyeeffateedha.

Hawaasni Oromoo afoola afwalaloo ta’an hedduu of keessaa qaban kanneen afaaniffaaniifi gochaan dhaamsa dabarsan hedduu qaba. Gosoota afoolaa bifa afwalalootin dhiyaatu keessaa sirbi wadaajii isa tokko. Akka godina shawaa kaabaa aanaa Hidhabuu Abooteettis sirbi wadaajii yeroo dheeraa sirbamaa waan tureef baay’ee baramaadha. Haata’u malee, hanga qorataan qorannoo kana hubatetti afwalaloon sirba wadaajii carraa qorannoon bahee mul’achuu akkasumas gara barreeffamaatti jijjiiramuu hin arganne. Kun ammoo carraa sirbichi beekamuuf qabu laaffisaa deema.

Dabalataanis akka qorataan hubatetti sirbi kun hawaasa aaanichaa biratti dhiyaatinni isaa kan durii irraa gdi hir’achaa dhufeera. Kunis sirbicha gara baduutti fidaa jiraachuutu hubatame. Qorataanis kanuma bu’uureeffachuun afwalaloon sirba wadaajii carraa qorannoon dhiyaachuu akka aragtu haala mijeessuu, ragaa barreeffamaa sirbichaaf qindeessuufi itti fayyadamni sirba wadaajii hawaasa biratti bifa dura tureen akka itti fufu yaadachiisuun akka ka’umsa qorannootti qabatee kan ka’eedha.

Raawwii qorannoo kanaa keessattis gaaffileen armaan gadii deebii argataniiru.

- Faayidaa afwalaloo sirbi wadaajii jaalala keessatti qabu maali?
- Yoomessi afwalaloo sirba wadaajii maal fakkaata?
- Akaakuwwan afwalaloo sirba wadaajii ergaa isaan dabarsaniin maal fakkatu?

- Kennaan wadaajii sirba wadaajii keessatti maal maal fa'i?
- Ulaagaalee sirbi wadaajii tokko guutuu qabu maali?

## 1.3. Kaayyoo Qorannoo

Qorannoon kamiyyuu kaayyoo galmaan ga'uuf gaggeeffamu qaba. Kaayyoon kunis karaa lamaan kan ilaalamu yommuu ta'u, innis gama kaayyoo gooroofi gooreen ta'a. Kaayyoowwan lamaan kunis bifa aramaan gadiin dhiyaataniiru.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa afwalaloo sirba wadaajii godina shawaa kaabaa aanaa Hidhabuu Abootee keessa jiru qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa qabxiilee armaan gadiiti.

- Maalummaa sirba wadaajii ibsuu
- Faayidaa afwalaloo sirba wadaajii addeessuu
- Yoomessa afwalaloo sirbi wadaajii keessatti raawwatamu xiinxaluu.
- Gosoota afwalaloo sirba wadaajii addeessuu
- Seerota hirmaata afwalaloo sirba wadaajii addeessuu

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo iddoo itti fayyadamaan qorannoo gaggeeffamee eenyu akka ta'e ibsamuudha.Barbaachisummaa qorannoon wal qabsiisee AdunyaaB.(2011:55) irratti, "barbaachisumman qorannoo tokkoo barbaachisummaa mata-duree qorannichi irratti gaggeeffameefi qabatamummaa odeeffannoo bu'uura qorannichaa ta'e irratti hundaa'a jechuun ibseera."Akka ibsa hayyuu kanaatti mata dureen qorannoon irratti gaggeefamuufi odeeffannoon bu'uraa qorannichaa ta'e barbaachisummaa qorannoo tokko murteessuu keessatti gahee guddaa

qabu.

Qorannoon kun osoo gaggeeffamuu baatee afwalaloon sirba wadaajii akkuma qorataan dura hubateetti carraa barreeffamaan bahee mul’achuu dhabuurraa kan ka’e kallattii dagatamuu qabatee jirurraa deemuun carraan dagatamuu isaa bal’achuu danda’a. Kanaafuu bu’a qabeessummaan qorannoo kanaa inni duraa sirba wadaajii dagatamuurraa oolchuudha. Akka faayidaa lammeessootti galma gahiinsa qorannoo kanaa irraa qaamoleen armaan gadii fayyadamoo ta’u.

- Qeerroowwaniifi Qarreewwan Oromoo iccitii sirba wadaajii baruu barbaadaniif kallattii hubannoo kaa’uu danda’a.
- Qaamolee mata-duree kanarratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka madda odeeffannoo lammaffaatti tajaajiluun karaa salphaan kitaabilee wabii akka argataniif haala mijataa uuma.
- Waajjirri aadaafi Tuurizimii Aanaa Hidhabuu Abootee qaawwa argachuun qorannoo afoolaa akka gaggeessu onnachiisu mala.
- Hawaasni aanaa Hidhabuu Abootee yoomessa fayyadama afwalaloo sirba wadaajii irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Gama guddina og-barruu Oromootin gara fuula duraatti akka ariifatuuf karaa saaqa.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeefame Godina Shawaa Kaabaa aanaa Hidhabuu Abootee  keessatti gandoota jaharratti (6) kan daangeffameedha. Isaanis ganda Yaayyaa Ejersaa, Yaayyaa Alangoo, Siree Morosee,Yaayyaa Mukaa,Abootee,ganda Ejeree 01fi Dirree Baantuu fa’a. Afoolawwan hedduu jiran keessaa kan irratti xiyyeeffatame sirba wadaajiiti. Sirboota hawaasa Oromoo biratti beekamoo ta’an kanneen akka: sirba ayyaanaa,sirba cidhaa,sirba daboo,sirba jaalalaa fa’i. Sirbi

jaalalaas akaakuwwan adda addaa kanneen akka: sirba wadaajii,sirba jaalala haadhaa,sirba jaalala biyyaa,sirba jaalala ogummaa fi k.k.f of keessatti hammata. Daangaa qorannoo ilaalchisuun Addunyaan B.(2011:56) irratti,"qorannoon tokko daangaa qaba. Daangaan kunis bakkaafi qabiyyeedhan ta'a" jechuudhan ibsa. Akka yaada barreessaa kanaatti daangaa qorannoo murteessuu keessatti bakkiifi qabiyyeen iddoo guddaa warra qabaniidha.Qorataan qorannoo kanaas kanuma hubannoo keessa galchuun qorannoo kana iddoon naannoo Oromiyaa godina Shawaa Kaabaa aanaa Hidhabuu Abootee irratti kallattiin kan fuulleffate yoo ta'u, gama mata dureenis sakatta'a sirba wadaajii irratti kan xiyyeeffateedha.

**1.6. Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon tokko yoo gaggeeffamu bu'aa ba'ii hedduu keessa darba. Bu'aa ba'iin kunis mata-duree qorannoo irraatti hundaa'uun addaaddummaa qabaachuu mala. Kana jechuun hanqinni qorataa tokko mudate qorataa biroo mudachuu dhiisuu danda'a jechuudha. Sababni isaas mata-dureen qorannoofi adeemsi qorataan tokko fayyadamu qorataa biroorraa adda ta'uu waan danda'uufidha. Adeemsa qorannoo kana keessattis hanqinoota qorataa mudatan keessaa adda dureen madda odeeffannoo lammaffaa salphaatti argachuu dhabuu,hanqina yeroo,rakkoo baajataafi odeeffannoo rogaan kennamurraa of qusachuu iddattootaati. Dabalataanis sababa dhibee koronaatin wal qabatee iddoodhaa iddootti socho'uun rakkisaa waan tureef rakkoon geejjibaa qorataa mudateera. Haata'u malee qorataan malleen garaagaraa kanneen akka madda odeeffannoo lammaffaa obsaan barbaaduufi kan mata-duree qorannoo isaatti dhiyaatu fayyadamuu, yeroo hojii haalan qoqqooduun itti fayyadamuu,waraqaafi meeshaa barreessaa mana barumsaa gaafachuufi iddattoonni odeeffannoo barbaadamu guutummaan akka kennan amansiisuun qorannoo isaa galmaan gahee jira.

## 1.7. Ibsa Bakka Qorannichaa

Akkuma daangaa qorannoo jalatti ibsamuuf yaalametti qorannoon kun kan gaggeeffame Godina Salaalee aanaa Hidhabuu Abootee irratti xiyyeeffachuun kan raawwatame yoo ta'u, odeeffannoon bakka qorannoo ibsu haala armaan gadiitiin dhiyaatera.

### A. Akkaataa Moggaasa Maqaafi Daangaa Bakka Qorannoo

Akkaataa ragaa waajjira aadaafi Turizimii aanichaarraa argametti,aanaan Hidhabuu Abootee aanaalee Godina Shawaa Kaabaa kudha sadeen qabdu keessaa ishee tokko. Magaalan aanichaas Ejeree jedhamuun beekamti. Aanaan kun magaalaa guddoo biyyattii Finfinnee irraa gara kibbaatti fageenya kiilomeetira 140 Magaalaa godinaa Fiichee irraa immoo fageenya kiilomeetira 27 irratti argamti. Aanaa kana keessa gandoota baadiyyaa 19 fi magaalaa 1 waliigala gandoota 20 qabdi.

- Argama aanichaa: kaaban -----Aanaa Dharraa
    - Kibbaan------Aanaa Dagam
    - Bahaan --------Aanaa Dagam
    - Dhihaan--------Aanaa Kuyyuutiin daangeffmee argama.

### B. Baay'ina Uummata Aanichaa

Baay'inni uummata aanaa Hidhabuu Abootee saalan dhiira 40,208, dhalaa 32,023 waliigala namoota 72,231 dha. Baay'inni uummata baadiyyaa 62,146 yoo ta'u, kan magaalaa ammoo 40,67 ta'a.

### C. Haala Teessuma Lafaa

Haalli teessuma lafaa aanaa Hidhabuu Abootee lafa diriiraa 56% ,bu'aa ba'ii 11%, gaaraafi tabba 26%, hallayyaa 7% 'n haguugamee argama. Aanaan kun sirrii irra galaanaa olka'iinsa 1400-2678m irratti argama.

D. **Iddoowwan Hawwata Tuurizimii**

Aanaan Hidhabuu Abootee iddoolee hawwata tuurizimiif oolu kannen akka: bosona Gaara Siree, gammoojjiiwwan Ada'aa, laga Alaltuu qalloo, Holqa gaarren Sireefi k.k.f qabdi. Haata'u malee rakkooleen gama qorannaafi qo'annaa iddoowwan hawwata tuurizimii kana irraan kan ka'e haalan itti fayyadamaa kan hin jirre ta'uu ragaawwan waajjira aadaafi tuurizimii aanichaarraa arganne ni addeessu. Iddoowwan armaan olitti eeraman keessaa hanga ammaatti hawaasni itti fayyadamaa kan jiru bosona gaarren Siree Morosee qofa ta'uun ragaan gama waajjiricharraa arganne ni mirkaneessa.

**E. Odeeffannoo Hawaasa Aanichaa**

Hawaasni aanaa Hidhabuu Abootee hawaasa yeroo gaddaas ta'ee yeroo gammachuu wal bira dhaabbatu uummata gamtaan jiraatuudha. Adeemsi waldeeggarsa isaanis hojiiwwan garaagaraarratti bifa daboo walii bahuutin baay'ee beekkamoodha. Dabalataanis aanaa kana keessatti baay'inaan amantaa walfakkaatu waan hordofaniif akkuma amantaa isaanitti guyyaa ayyaanaa gammachuu isaanii waliin qooddatu. Dabalataanis guyyaa gaddaa kan du'e gamtaan bahanii awwaallachaa wal bira dhaabbbatanii wal jajjabeessu. Walumaagalatti haala jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti safuu fi safeeffanna isaa eeguun jireenyaa madaalawaa ta'e waliin jiraatu.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana jalatti barreeffamoota adda addaa kan yaada mata-duree qorannoo kiyyaatiin wal qabatan kan keessatti dhiyaataniidha. Sababni isaa sakatta'iinsi barruu tarkaanfii qorannoo tokko murteessuu keessatti qoodni inni qabu baay'ee barbaachisaa waan ta'eefidha. Yaada kana dhugoomsuuf Addunyaan B.(2011:58-59) irratti yoo ibsu:

*Qorannoo tokkoof ogbarruu sakatta'uun baay'ee barbaachisaadha.Barbaachisummaan isaas, dhimmicha qorannoowwan duraan gaggeeffamaniin walqabsiisuun cimsuu,qaawwa inni duu chuuf deemuufi daangaa isaa mul'isuufi. Kana malees, ogummaawwan garagaraa kanneen qor-annichaaf tumsan gabbifachuuf ogbarruu sakatta'uun barbaachisaadha.*

Akka yaada hayyuu kanaatti og-barruu sakatta'uun qorannoo gaggeeffame cimsuufis ta'ee ragaan deeggaruun qorannichi qaama kamiiyyuu biratti fudhatamummaa akka argatuuf haala mijeessa. Kanaafuu qorataan barruuwwan garagaraa kallattii garagaraarraa funaanuun cimina qorannoo boqonnaa kana keessatti xiinxala barruuwwan sirba wadaajitiin wal qabaturratti xiyyeeffata.

### 2.1. Hiikaafi Eessaa Dhuftee Fookloorii

Fookloorii ilaalchisee hiikni murtaa'aan lafa kaa'ame hinjiru. Haata'umalee, hayyoonni adda addaa waa'ee fookloorii ilaalchisee hiika garaagaraa lafa kaa'aniiru. A. Isacs (981:457 ) irratti Fookiloorii yoo ibsu:

*Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivals, dances and religious rites. The material culture comprises architecuture, art and crafts. The oral culture includes,songs,tales legends,proverbs and riddles.(A.Isaacs;1981:457)*

Yaada kanarraa akka hubatamutti fookilooriin meeshaalee aadaa, afoolaafi duudhaa hawaasaa hin baratiniiti. Duudhaalee hawaasaa kanneen jedhamanis: amantaalee, aartii sochii qaamaafi ayyaaneffannaa garaagaraati. Meeshaalee aadaa kanneen jedhaman ammoo: fakkiiwwaniifi

ogummaawwan bobboca garaagaraa yoo ta'an, afoolli ammoo kanneen akka:sirbaa, faaruu, sheekkoo, durduriifi hiibboo hammata jechuun lafa kaa'a. Kana malees yaadni kanaan wal fakkaatu akka armaan gadiitti kennameera.

> *Folklore in its broadest sense is the part of the culture, customs and beliefs of society that is based on popular traditional. It is produced by the community and is usually transmitted orally or by demonstration. In addition to folklore and poetry the principal subjects treated in this article, folklore e includes arts and skills and music dance.(EncyclopediaAmerican;1995:498)*

Barsiifataafi gochawwan hawaasaa duudhaa irratti kan hudaa'udha. Kan uumamus, hawaasummaan ta'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddarbu ta'uusaati. Akka Melakneh(2006:8) ibsutti, "Every group together or by common interest and purposes wether educated or uneducated, rural or urban, possessed of traditions which may be called its folklore"jedha. Barruu bicuu armaan olii kanarraa kan hubatamu fooklooriin yeroo bal'ifamee ilaalamu qaama barates ta'ee hin baranne, magaalas ta'ee baadiyyaa hawaasa fedhii wal fakkaataa qaban ta'uu hubanna. Namootni baratanis ta'ee hin baratin akkasumas magaalaa ta'ee baadiyyaa wanti isaan walitti qaban yookan wal isaan fakkeesu afoola ta'uusaa hubanna. Kana jechuun hawaasni kamiyyuu waan isaan walfakkeessu kan qabaniifi hawaasa barateefi hin baratiin akkasumas, magaalaafi baadiyyaan kan hin daangeffamne ta'uu isaa mirkaneessa.

> *Folklore is informally learned, un official knowledge about the world, our selves, our communities, our belief, our cultures, and our taditions that is expressed creatively through words, music customs, actions, behavours and materials. It is also the interactive, dynamic process of creating, commnnicating and performing as we share that knowledge with other people (Smith,M&Stephen; 2005).*

Yaada oliirraa kan hubatamu, fooklooriin osoo itti hin yaadiin kan baratamu, beekumsa dhaabbataa kan hin taane, waa'ee addunyaa, waa'ee keenya, waa'ee uummata keenyaa, waa'ee amantaa, aadaafi barsiifata keenya amantaa jechatti, muuziqaatti, gochatti, amalaafi meeshaaleetti gargaaramuun oguma(kalaqa) hawaasaa kan ibsudha. Akkasumas, walitti

hidhaminsaafi raawwiin beekumsa waljijjiiruu keessa uumamaa kan deemudha. Fooklooriin duudhaa, aadaa, amantaafi eenyummaa saba tokkoo kan ibsuudha. Yaada kana Steven(1976:552) akka ibsutti, “Folklore is the traditional beliefs and customs of a community passed on by word of mouth” jedha.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti fooklooriin duudhaa, amantaafi barsiifata hawaasa tokkoo afaaniin kan dhalootaa dhalootatti darbarsu ta’uu isaa agarsiisa. Kun ammoo, hawaasa hariiroofi eenyummaa wal fakkaataa qaban keessatti ta’uu isaati. Kanatti dabaluun, Oring E. (1986 :135) Dundes waabeffachuun akka ibsitutti, “Folk can refers to any group of people what so ever who share at least one common factor. The common factors create asense of collective identity, so that any population with such a sense could be regarded as a folk” jetti. Akka yaada olii kanarraa hubachuun danda’amutti ‘Folk’jechuun garee hawaasaa kamiyyuu ta’ee yoo xiqqaatee, xiqqaate waan tokko kan waliin qooddatan jechuudha. Waan isaan waliin qooddatan kun ammoo miira eenyummaa keessatti uumuu akka danda’u agarsiisa. Miirri eenyummaa kun dhuftee hawaasichaa, aadaafi amantaaf bu’uura ta’a. kanaaf gareen hawaasaauumamu fooklooriif bu’uura jechuudha.

### 2.1.1. Goorowwan Fookloorii

Fookiloorii damee dameettii qoqqooduun qo’annoo fookilooriifis ta’ee,hubannoo hawaasni qabu gabbisuuf gahee guddaa qaba. Kanumaan walqabsiisuun barreessitoonni afaanis goorowwan fookiloorii irratti yaada adda addaa kaa’uuf yaalaniiru. Dameewwan fookiloorii gurguddoon duudhaa hawaasaa, meeshaalee aadaa, aartii sochii qaamaafi afoola (Dorson 1972).Stephensifi Martine,(2005:12) yoo ibsan:

> “*Foklore can be categorized in many ways, based on its particular characterstics and How it are expressed. Three broad categories often used to describe folklore are verbal, Material and customary. Within these geners,there are numerous types or sub types of lore”*

*Jedhu.*

Akka yaada hayyuu kanaattifookilorii haala ittin ibsaniifi amala mataa isaa irratti hundaa'uun qooduun ni danda'ama. Dameewwan gurguddoo sadeen yeroo baay'ee fookilooriin ittin ibsamu kanneen akka: afoola, meeshaalee aadaafi aartii sochii qaamati. Dameewwan kunneen jala qoqqooddiwwan hedduun ni argamu. Dorson (1972) yaada olii kana deeggaruun gosoota fookiloorii bifa armaan gadiin ramada.

- ✓ Wanta aadaa (material culture)
- ✓ Duudhaa hawaasaa (social folk custom)
- ✓ Aartii sochii qaamaa (performing folk art) fi
- ✓ Ogafaan/ Afoola (oral literature)

**2.1.1.1 Aartii Sochii Qaamaa**

Aartiin sochii qaamaa gosa aartii keessaa isa tokko ta'ee, ogummaan isaa sochii qaamaatiin kan mul'atuudha. Akkuma gosa afoola biroo aartiin sochii qaamaa hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaaf bifa ogummaan guuteen muuxannoo yeroo dheeraa irraa argateen kan kalaqameedha. Innis sirboota garagaraa of keessatti hammata. Kunis sirboota aadaa adda addaa sagaleefi sochii qaamaa waliin dabaalamanii kan dhiyaatanidha. Aartiin kun sagalee qofaan yookan sagaleefi sochii qaamaan qindaa'ee kan dhiyaatus of keessatti hammata. Sochii qaamaafi diraamaa ogummaa qo'atamuufi wantoota qorataman of keessaa kan qabuudha.

"Folk performance refered as folk lore in action. It creats mental image." Dorson (1972),akka yaada kanaatti aartiin sochii hawaasaa ennaa sochii qaamaatiin dhiyaatu sammuu namaa wa keessatti fakkii wayii uuma

*Sims and stephens (205:128) performance is an expressive activity that requ*
*ires Participations,heightens our enjoyment of expriencies, and invites response.*
*In order For a performance is taking place to happen, a recogonized setting must*
*Exist (we have To know a performance is taking place) and participants (perfo*
*rmers and audience ) must be present.*

Akka yaada waraabbii kanarraa hubatamutti, aartiin sochii qaamaa raawwatamuuf yoomessaafi hirmaattota barbaachisa. Aartiin sochii qaamaa dhimma duudhaan mul'atuudha. Aartiin sochii qaamaa kunis tapha aadaa (ragada, dhiichisa, shaggooyyee, shubbisa, geelloofi kkf) fi ispoortii

aadaa (gugsii fardaa, wal'aansoo, saddeeqa, sigigoo, furdudoo, utaalchaa/kaannaa, xiyyee, korboofi kkf) of jalatti hammata. Akkasumas akkaataa uffannaafi dilbataa illee of jalatti hammachuu kan danda'uudha (Misgaanuun;2011). Aartii sochii qaamaa ilaalchisee Richard (1974:293) irratti yaada armaan gadii kaa'a.

*Performance as a made of spoken verbal communication consists in the assumption of responsibility to an audience for a display of communicative compiteince. This compiteince rests on the knowledge and ability to speak in socially appropriate ways.Performance invo-ves on the part of the performer an assumption of accountability to an audience for the way which communication is carried out, above and beyond its referencial content. From the point of view of the audiances,the act of expression on the part of the performer is thus mark-ed as subject to evaluation for the way it is done,for the relative skill and effectiveness of the performers display of compitance. Aditionally,its marked as available for the enhancement of expreince,through the present enjoyement of the intrinsic qualities of the act of expression its self. Performance thus calls forth special attention to and heightened awareness of the act of expression, and gives licencse to the audience to regard the act of expression and the performer with special intensity.*

Akka waraabbiin olii agarsiisutti aartiin sochii qaamaa sochii qaamaan dabaalamee iddoo daawwattooni jirutti yaada qalbii daawwattootaa bifa hawwachuu daa'uun kan dhiyaatuufi yaada afaaniin jedhamu dhugoomsuuf kan gargaaruudha.Walumaagalatti aartiin sochii qaamaa dabalachuun iddoo daawwattoonni jirutti bifa miira dhaggeeffattootaa qirqirsuu danda'uun meeshaalee aadaa adda adddaafi sochii qaamaa hirmaattotaan hurrubamee kan dhiyaatuudha.

## 2.2. Afwalaloo

Afwalalaoon gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee, bifa walaloon qindeeffamee kan afaanin dhaloota irraa dhalootatti darbuudha. Maalummaa afwalaloo ilaalchisee David (1995:2) yoo ibsu… "Oral poetry can be defined in various ways stritic definition would include only poetery that is composed and tranismitted without any aid of writing,"jedha.Akka ibsa kanaatti afwalaloon haala garaagaraan hiikamuu danda'a. Hiikaa afwalaloof kennamu keessaa tokko afwalaoon dhangi'a sagalee muuziqaa dabalachuun osoo ogummaan barreeffamaa hin jiraatin afaanin darbaa turuu isaati.

Misgaanuu (2011:60) “Yaadrimeen afwalaloo baay’ee walxaxaadha. Akkanumaan irra keessa yoo ilaallamu garuu, afawalaloon barreeffamaan osoo hin taane afaaniin dhalootaa tokkorraa isa itti aanutti, naannoo tokkorraa gara ollaatti kan lufuudha.” Akka yaada barreessaa kanaatti yaadrimeen afwalaloo walxaxaa ta’us, afaaniffaan dhalootatti darbuun adda isa taasisa.

### 2.2.1. Amaloota Afwalaloo

Mata-duree amaloota afoolaa jedhu jalatti amaloonni afoolaa akka waliigalaatti ibsa isaanii dabalachuun tuqamuuf yaalamaniiru. Mata duree kana jalatti garuu amaloota afwalaloo dameewwan afoolaa kanneen biroorraa adda taasisantu addatti kaa’ama. Afwalaloon amaloota dhuunfaa afoolarraa adda isaan taasisan qaba. Yaada kana dhugoomsuuf Finnegan(1970) afwalaloon tokko lubbuu horatee jiraachuu isaa dhugoomsuu keessatti amaloota adda addaa kanneen akka hurrubummaa, hirmmaattotaafi jijjiiramummaa calaqqisiisa.

**A.Hurrubummaa**- Hayyoonni hedduun hurrubummaan lubbuu afoolaafi afwalaloo akka ta’e ragaa bahu. Kana jechuun hurrubbummaafi ogafaan waliin deemu jechuudha. Afoola keessattis ta’ee afwalaloo keessatti sochiin dhabamuu hin danda’u. Sochiin kun ammoo afwalaloo sanatti lubbuu horuun bareedina gonfachiisa. Ogafaan kamiiyyuu yoomessa hawaasummaa mataa isaa irratti hundaa’ee hurrubamuun jamaa fuulduratti dhiyaata. Kana yeroo jennu garuu ogafaan bakka jamaan hin jirreetti hin hurrubamu jechuu keenyaa miti. Ogafaan suuraafi ogummaan isaa haalan kan goobanee mul’atu, kaayyoon hurrubamuufis bakka gahuu kan danda’u kallattiin jamaa fuulduratti yoo hurrubameedha. Dameewwan ogafaanii keessaa irra caalaa hurrubamee kan mul’atu afwalaloodha.

Amaloota afwalaloo keessaa ammoo adda durummaan kan caqasamu tokko dalagaadha yookan sochiidha. Dalagaan jechoota afaan dubbataa keessaa bahu waliin wal simsiisuun sochii taasifamuudha. Finnegan (1970) yaada kana yoo ibsitu, “The significance of performance in oral literature goal beyond more matters of definition for the nature of performs impact of particular literary form being exhibited,”jetti. Akka yaada barruu kanaatti afoolli tokko dhiiga fooniifi lafee qabatee lubbuu kan horatu dalaggarratti yoo hundaa’edha.

**B. Hirmaattota-** Og-afaan tokko yeroo baay'ee kophaa kan dalagamuu osoo hin taane hojii garee barbaada. Afwalaloonis bifuma wal fakkaatuun deeggarsa garee waliin tola. Kana jechuun namni tokko yoo afwalaloo tokko weellisu dhuunfaa isaatin miti jechuudha. Kan yeedaloo baasu bira kan irraa fidee deeggaru jiraachuun dirqama ta'a. Qooda hirmmaattonni afwalaoo keessatti qaban ilaalchisuun Finnegan (1970) irratti, "A further essential is the audience which is the care with writen forms is often direct involved in the actualization a creation of place of oral literature. According to convention genere and personality the artist may be receptive." Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu afwalaloo keessatti hirmaattonni ala taa'anii yaadan kan mul'atan osoo hin taane amala kallattiin keessatti argamuun hirmaachuu kan qabuudha.

**C.Jijjiirama-** Afwalaloon tokko jiraachuun isaa kan mirkanaa'u fayyadamummaa hawaasaa afoola sanaa yommuu ta'u, innis adeemsa fayadamaa keessa sagaleelerraa ka'ee hanga hima guututti jijjiiramuu danda'a. Sababni isaas afaaniffaan waan darbaa dhufeefi darbaa jiruuf itti dabaluun yookan irraa hir'isuun waanuma jiru. Haata'u malee qabiyyeesaa osoo hin gadhiisin akkatuma itti fayyadama hawaasichaatin itti fufa.Jijjiirama afwalaloo ilaalchisee Finnegan (1976), "there are the cases when the performer introduces variation on older piecies of even totally new forms interms of the detailed wording the structure or the content."Yaada kanarraa wanti hubannu dalagaan afwalaloo tokkoo jijjiirama afwalaloo keessatti ga'ee akka qabuudha.

### 2.2.2. Faayidaa Afwalaloo

Hawaasa keessatti afwalaloon faayidaa lakkaawamee hin dhumne hedduu qaba. Keessumaa hawaasni Oromoo gaddas ta'ee gammachuu,jaalalas taaanan jibba, booyichas ta'ee sirba, gadoos ta'ee gadadoo hunda afwalalootti dhimma bahuun ibsachaa kan tureefi yeroo ammaas itti jiruudha. Finnegan (1977:241) "Faayidaan afwalaloon qabu walkeessa jira; walmakaadha. Kunis kan irratti hundaa'u amala, qabiyyeefi dhaamsa inni dabarsuu barbaade irratti."Akka yaada oliitti faayidaan afwalaloo tokkoo kan murtaa'u qabiyyee inni dhiyeessuuf ka'e giddugaleeffachuudhan ta'a.

Akka waliigalaatti afwalaloon yaada bal'aafi bilchaataa kan of keessaa qabu ta'ee, yaada ofii jechoota filatamoofi miidhagina qabaniin ibsachuuf kan ooluudha.

### 2.2.3. Gosoota Afwalaloo

Afwalaloon maqaa waliigalaa yoo ta’eeyyuu innis dameewwan adda addaatti qoodamuu danda’a.Kanuma bu’uura godhachuun hayyoonni afaanis afwalaloof ramaddii adda addaa kaa’aniiru. Misgaanuu(2011:4)“Afwalaloon weedduu jaalalaa,faaruu,weedduu hojii,geerarsa, mararoo, weedduu, ateetee, sirba, faaruu loonii, weedduu dhimmoota siyaasaa, weedduu hurursa daa’immanii, weedduwwan gootummaa, weedduwwan seenaa, tapha ijoollee, weedduwwan amantii, weedduwwan ajjeesaa, hiibboo altokko tokkoofi k.k.f.tiin mul’achuu danda’a.”Hayyuun kun itti dabaluunis afwalaloo kanneen yeroo irratti hundaa’eefi kanneen yeroo irraa walaba ta’e jechuun qoqqoodee jira.

Akka yaada hayyuu kanaatti qoqqoodamni afwalaloo Oromoo yoomessa giddugaleeffachuun kan murtaa’u yoo ta’u, yoomessa kanaanis afwalaloowwaan yeroon daanga’aniifi yeroon hin daangofne jechuun ramaduun kan danda’amuudha. Shawaayyeefi Firehiwoot T.(1999:vi), “Maalummaa saba tokkoo kan himan keessaa afwalaloon isa tokko yoo ta’u, damee hedduus ni qaba. Isaanis kanneen akka walaloon geerarsaa, faaruufi sirba adda addaati” jechuun afwalaloo damee garaagaraa jalatti qooduuf yaalaniiru.

Afwalaloon haala garaagaraatin gosa adda addaatti qoodama. Kanneen keessaa gurguddoonni :kaayyoosaa, hurrubbummaasaa, yoomessa isaafi walaloo isaa irratti hundaa’ee haaluma tajaajila hawaasaa kennu irratti hundaa’uun qoodama (Finnegan 1977fi Barber 1997). Akkuma Barber (1997:85) jedhu,“Gosoota afwalaloo osoo walkeessa hin xaxamin qulqulleessinee addaan qooduuf qorannoo bal’aafi gadifageenya qabu barbaachisa.”

Afwalaloo Oromoo bakka adda addaatti qoodamuu danda’a. Andirizeeksii (1985:410-14) afwalaloo Oromoo kan yeroon daanga’aniifi kan yeroon hin daangofne jechuun bakka lamatti qooda. Afwalaloowwan yeroon hin daangofne walaloo jaalalaa, amantaa, ateetee yoo ta’an, afwalaloon yeroon daanga’an ammoo walaloolee lolaa, faaruu booyichaa, goototaa akka ta’an tarreessa.

Akka waliigalaatti yaada hayyoonni afaanii kennan ka’umsa godhachuun afwalaloon dameewwan garaagaraatti qoodamuu mala. Qorataan qorannoo kanaas dameewwan afwalaloo walaloolee afoolaa(performing folk arts) keessaa afwalaloo Sirba wadaajii qaaccessuurratti kan

xiyyeeffate waan ta’eef kallattiin sirba wadaajii ibsuurratti xiyyeeffachuun qorannoo isaa gaggeessee jira.

**2.1.1.2. Duudhaa Hawaasaa**

Inni kun damee fookloorii keessaa isa tokko ta'ee, meeshaalee aadaatiin baay'ee walitti dhiyaata. Dorson(1972:3) akka jedhutti “duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaarratti xiyyeeffannaa kan godhu hariiroo (walitti dhufeenya) garee irratti.” Uummata keessatti umrii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee kan fudhateedha. Duudhaan hawaasaa ce’umsa sadarkaa (sirna gadaa, dhaqna qabaa, fuudhaafi heeruma) qoricha aadaa, haala lakkoofsa baraa, jilaafi kabaja ayyaanaa bashannanaafi barsiifata amantii kan of keessaa qabuudha. (Fekede, 1991:10-15). Haaluma walfakkaatuun fookilooriiwwan duudhaa hawaasaa keessatti argaman ilaalchisuun Sims and stephens yoo ibsan:

*Rituals are repeated,habitual actions, but they are more purposeful than custom; rituals are Frequently highly organized and controlled, often meant to indicate or announcemem bership In agroup. Most rituals bring together many types of folklore: verbal s uch as --chants,,poems or songs: customery such as gestures, dance or movement ;materialsuch -- as food, awards, clothing and costumes.(Sims and Stephens,2005)*

Akka yaada hayyoota kanaatti, duudhaan hawaasaa dhimmoota garee hawaasichaa keessatti irra deddeebi’amanii haala walfakkaatuun raawwatamaniidha. Kunis kan raawwatamuuf, miseensa garee hawaasa tokkoo ta’uu yookin itti makamuu agrsiisuuf of beeksifachuu akka ta’e agarsiisa. Misgaanuun (2011) yaada olii kana cimsuun duudhaan hawaasaa wanta hawaasni waliin qooddatu ta’ee dhimmoota gurguddoo kanneen akka feestivaalaafi kabaja ayyaanaa, taphaafi bashannana, dawaa aadaa, amantii,hooda/laguufi k.k.f of keessaa kan qabuudha. Walumaagalatti duudhaan hawaasaa dhimmoota hawaasni irra deddeebitiin amaleeffachuun waldhaalchisaa tureefi yeroo ammaas wal dhaalchisaa jiru akka ta’e yaadni hayyoonni armaan olitti kaa’an ni hubachiisa.

**2.2.3.1. Adeemsa Fuudhaafi Heeruma Hawaasichaa**

Fuudhafi heerumni hawaasa Oromoo biratti adeemsa warroomanii jiraatan keessaa beekamaafi hangafa. Hawaasa aanaa Hidhabuu Abootee birattis dhimmi kun daran beekamaadha. Akka

aanaa Hidhabuu Abooteetti gosootni fuudhaafi heerumaa beekamoo ta'an kanneen armaan gadiiti.

**A. Kaadhimannaa**

Kaadhimannaan karaalee bultii ittiin ijaarratan keessaa isa tokko yoo ta'u adeemsa aadaafi duudhaa Oromoo ganamaatti maatiin mucaa dhaqanii kadhachuun kan yeroo Ammaa bal'inaan raawwatamuudha. Adeemsi kaadhimannaa kun kan duriirraa adda yoo ta'u, yeroo duraanii maatii qofatuun mucayyoo ilaalee maatiis murteessee fira baafachuuf jecha mucaasaaniif kaadhimatu. Amma garuu haalli kun jijjiiramee mucaan dursee ilaalachuun kan ofii isaatif jedhe maatitti himata. Adeemsi kun yeroo baay'ee mucaafi maatisaa gidduutti walitti bu'iinsa yeroo uumamutu mul'ata. Sababni isaa mucaan inni jaalate kun mucayyoo malee maati ishee waan quba qabu takkaa hin  qabu. Inni kun ammoo gosa mucayyoo maal akka isheen taate baruun maatii mucaa biraa dirqama waan ta'eef, tasa firallee ta'uu dandeessi jechuudha. Kun ammoo diigumsaaf karaa saaqa.

**B. Butii**

Buttiin gosa fuudhaafi heerumaa keessaa tokko ta'ee, fedhii mucayyoofi maatii mucayyootin ala akkasumas fedhii maatii mucaatin ala dirqiin warroommii gaggeeffamuudha. Kunis kan ta'u sababa mucaan mucayyoo baay'ee erga jaalatee booda maatiin naaf kennuu hin danda'an jechuun yoo shakke tarkaanfii butiitti deema jechuudha.Warroommii butii keessatti mucaan baay'ee jaalatus mucayyoon takkaa quba qabaachuu dhiisuu dandeessi.Inni kun ammoo rakkaoo adda addaa geessisuu danda'a. Rakkoolee inni geessisu keessaa tokko: walitti bu'iinsa maatii lamaanii akkasumas,mucaafi mucayyoo fiduu danda'a. Bu'aan walitti bu'iinsa kanaas bultiin humnaan ijaarame humnaan akka diigamu taasisa jechuudha,

### C. Kallacha

Kallachi tooftaa warroommiin ittiin gaggeeffamaa tureefi yeroo ammaa kanas ittiin gaggeeffama jiru keessaa isa tokko. kallacha keessatti maatin mucaa itti yaadun maanguddoo ergatan qopheessuun gara warra mucayyootti erguun warroommii gaggeeffamuudha. Adeemsa kana keessatti warri mucayyoo takkaa quba hin qaban. Haalonni kallachi haala mijataa uuman: warri intalaa mucayyoo gurbaaf kennanii sababa hin beekamneen beellama kan daddabarsan yoo ta'e, mucaan mucayyoo kaadhimate sababa maallaqaanis yaa ta'u rakkoo biraatin intala fuudhuu yoo dadhabefi intalarratti dorgommiin baay'achuu fa'an cabsaaf karaa saaqa jechuudha. kallachi butiirraa wanti adda taasisu warri intalaa safuu kallachaaf qaban sodaachuun intala kennuu danda'uu isaati.

### D. Waliin Deemachuu

Waliin deemmachuun kallattii warroommii keessaa tokko yoo ta'u, fedhii mucaafi mucayyoo irraatti hundaa'uun keessumaa yeroo ammaa kana sirna fuudhaafi heeruma darbee darbee mul'achaa jiruudha. Akka aanaa Hidhabuu Abooteetti waliin deemmachuun butii sababa godhachuun fakkeessanii warri wal jaalatan lamaan kan waliingalan sirna fuudhaafi heerumaa safuu cabseedha.Warri mucayyoo lamaan seeratti dhiyeessuun seera fuulduratti fedhii isaanii akka ta'e qaama seeratti erga beeksisanii booda fedhiidhaan akka ta'e ibsatu.

Walumaagalatti akka aanaa Hidhabuu Abooteetti gosti fuudhaafi heerumaa afur kan jiru yoo ta'u, bal'inaan dirreerratti hojiirra oolaa kan jiru kaadhimannaadha. Haata'u malee waliin deemmachuunis dhawaatan babal'achaa kan jiruudha.

## 2.3. MaalummaaWadaajii

Wadaajiin hariiroo jaalalleewwan wal jaalatan lamaan dhamdhama jaalala yeroo dargaggummaafi shamarrummaa isaanii waliin qooddatan kan garsiisu wadaajii jedhama. Jechi kunis ayyana Orom oo waqtii birraafi arfaasaa kabajamu 'wadaaja' kan jedhurraa kan dhufeedha.

Ayyaanni wadaajaa firoonni walitti dhiyoo jiran waliin ta'uun kan kabajatan yoo ta'u ayyaana jaalalaati.

Amaloota afwalaloo keessaa inni ijoon afaaniin dhalootaa dhalootatti lufuudha.Lufummaan kun ammoo ifatti bahee kan mul'atu karaa hirmaattota isaatin yoo ta'u, isaanis sagalee kiilolee isaanii fayyadamuun yeedaloo baasanii waliin weeddisu.Adeemsa weedduu kana keessatti garuu meeshaalee aadaa adda addaafi sochii qaamaatiin dabaalamanii dhiyeessuu danda'u. Barreessitoonni adda addaas yaada kana bifa itti aanuun cimsuuf yaalu. Nagarii (1993:63), "Sirbi yookan faaruun afoola Oromoo bifa afwalaloon dhiyaatu keessaa isa tokko"jechuun faaruun qoodama afwalaloo jalatti kan ramadamu ta'uu dhugoomsa.

Misgaanuu (2011:70;71) "Faarsaa,weedduufi sirba yaadrimee jedhu gidduu falmiitu jira. Yaanni faarsaa jedhu weedduufi sirba waan of keessatti qabatu fakkaatus,faaruun karaa uummanni miiraafi dhageettii,hubannoo yeroo darbee,haala yeroo ammaa dhaloota haaraa ittiin barsiisuufi dhaloota itti aanutti ittiin dabarsaniidha." Akka yaada hayyuu kanaatti sirbi riqicha miira,dhageettiifi hubannaa hawaasaafi yeroo darbe ture gara ammaatti fiduuf gargaaraa tureefi gargaaraa jiruudha. Sirbi wadaajiis cimina jaalalaafi dhageettii jaalalleewwan waliin qaban kan calaqqisiisuudha.

Walumaagalatti sirbi wadaajii hariiroo jaalalaa warra wal jaalatan lamaan gidduutti jiru cimsuuf kan sirbamu yogguu ta'u, kaayyoon isaas jaalala jabeessuuf akka ittoo jaalalaatti oola. hariiroo jaalalleewwan lamaan wal jaalatan gidduu jiru. Wadaajiin addooyyeedhaan wal adda. Hiriiroo jaalalaa qeerroofi qarreeti.Jechichi jecha afaan amaariffaa '**wadaaj**' jedhu irraa dhufe. Wadaaj jechuun **Michooman** wal adda. **Wadaaj** jechuun firoomina dhiigaa, gosa, dhaloota dhiiga walii qaban jechuudha. Karaa biraatin ayyaana firaa wadaaja jedhamu kan namoonni ollaafi firoonni irratti argamanii galgala kabajatantu jira. '**wadaaja bulfannaa**' kana irratti namootni dhaqanii waliin weeddisaa bulu. Ayyaana firummaati. Kanarraa kan ka'e wadaajii jedhame kan jedhus ni jira. Wadaajiin jaalala dhugaati malee fakkeessaa miti. Wadaajii ni dhungatu garuu dhimma biraa keessa hin galan. Kuni jaalala wadaajii kaanirraa adda godha. Fkn. Maqaa Wadaajoo, Wadee, Wadoo, (Wuddee)fi k.kf

### 2.4. Yaaxxinaalee (Dayeessota) Qorannoo Afwalaloo

Mata dureen qorannoo tokkoo afwalaloon kan walqabatu yoo ta’e kutaa sakatta’a barruu qorannichaa jalatti dagatamuu kan hin qabne yaaxxina qorannicha waliin deemu ibsuudha. Yaaxxinaalee fookiloorii ilaalchisee Addunyaan (2011:58) hayyuu Zoltan(2005:255) waabeffachuun, “Sakatta’a barruu jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu yaaxxina qorannoon sun irratti bu’uuruudha. Dhimmi kun karaa biraa qorannichaaf dallaa ijaarudha”jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti gaheen yaaxxina qorannoo kaa’uu qorannichi maalirratti daanga’ee gaggeefamaa akka jiru agarsiisudha. Dayeessi kunis namoota garaagaraatiin yeroo adda addaatti bu’uureeffamaniiru. Kana dhugoomsuuf hayyuun Dorson(1972) dayeessonni qorannoon fookiloorii ittiin gaggeeffamu kanneen akka: Ideological theory,folk cultural theory,contextual theory, functional theory, performance theory, cross cultural theory,historical reconstructionaltheory,phsychoanalaytical theory,oral formulaic theory,structural theory,mass cultural theoryfi hemispheric theory ta’uu mala jechuun ibsa. Haaluma kanaan mata dureen qorannoo kanaas afwalaloo hawaasaa keessaa sakatta’a sirba wadaajii qorachuuf waan ta’eef yaaxxinaalee qorannoof fookiloorii gargaaran keessaa kallattin hidhata kan qaban lama irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffameedha.

#### 2.4.1. Yaaxxina Tajaajilaa (Functional Theory)

Yaaxxinni tajaajilaa gosoota yaaxxinaalee jiran keessaa tokko yoo ta’u,Iinnis tajaajila afoolli hawaasaaf kennu ilaalurratti kan xiyyeeffateedha.Qorataan tokko fookiloorii irratti qorannoo gaggeessa yoo ta’e faayidaa fookilooriin hawaasaf kennurratti xiyyeeffachuun dirqama ta’a. Adeemsa kana keessatti ammoo yaaxxina tajaajilaatti dhimma bahuun waan ooluu miti. Waa’ee yaaxxina kanaa Dorson (1972) Franz Boas waabeffachuun yommuu ibsu, “yaaxxinni faayidaa afoolli yookiin fookilooriin saba tokko akkamitti akka tajaajilu ibsa.”

Damee fookiloorii keessaa afwalaloo akkasumas sirbi wadaajiis tajaajila akkamii qeerroofi qarree biratti akka qabu kan ilaalamus yaaxxina kana keessatti. Sababni isaa sirbi wadaajii seeneffamoota afoolaa yookan fookiloorii keessaa isa tokko waan ta’eefidha. Sirbi wadaajii qeerroofi qarree Oromoo akkasumas hawaasa bala’aa sabichaatiif gumaacha hedduu qaba.Jaalalaafi jibbi,tokkummaafi diigumsa,safuufi safeeffannaa duudhaa hawaasichaa akkamitti akka dhimma bahan karaa qajeelcha. Qorataanis sababoota armaan olitti tarreessine bu’uura godhachuun yaaxxina kanatti dhimma baheera.

### 2.4.2.Yaaxxina Haalaa (Contextual theory)

Dayeessi kun bara 1960 afoolewwan dargaggoota ta'aniin yuunivarsiitiwwan Indiyaanaafi Peensilvaaniyaa keessatti kanneen leenjii doktorummaa afoolarratti fudhataa turaniin eegale. Waa'ee yaaxxina haalaa Dorsan (1972:45) irratti yoo ibsu "…the folklore concept apply not to a textbut to an event in time in which a tradition is performed or communicated." Akka yaada kanaatti afoola tokko qorachuun kan danda'amu waan raawwatee taa'erraa osoo hin ta'in waan raawwachaa jiru bu'uura godhachuuni. Kunis haala qabatamaa afoolli sun keessatti hurrubamu,akkaataa itti hurrubamuu,wantoota yeroo hurrubbii agarsiisan,walumaagalatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu'uun kan gaggeeffamu ta'uu hubanna.

Yaaxxinni haalaa yoomessaafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin fookilooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha.Kanumaan walsimsiisuun sirba wadaajii dhiyeessuu keessatti ga'een hirmaattotaa maal akka ta'eefi akkaataa kamiin akka mul'atu,yeroofi iddoon raawwii sanaa ibsuuf yaaxxina haalaa fookiloorii bu'uura taasifachuun xiinxaluun ni danda'ama. Kana ilaalchisee Simsfi Stephens (2005:136) akkas jedhu, "The physical settings and social in a situations in which members of folk grouphs share folklore,as well as the relationship among audience members and performers,make up the context of performance." Haalawa adda addaa keessatti walitti dhufeenyi hirmaattotaafi dayeessota firiiwwan fookilooriin dalagamaniifi anniisaa cimaa akka ta'an yaanni waraabbii armaan oliin tuqame ni hubachiisa. Qorannoo kanaafis yaaxxinni adda durummaan filatame yaaxxina haalawaa fookilooriiti. Yaaxxina kan bu'uureeffachuun sirba wadaajii keessatti afwalaloowwaan mul'atan kallattii adda addaatiin xiinxalamaniiru.

## 2.5. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Qorannoon kun mata-duree sakatta'a sirba wadaajii Oromoo Salaalee Aanaa Hidhabuu Abootee kan jedhu ta'ee, Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee irratti geggeeffame. Kaayyoon qorannichaa sirboota wadaajii godina Shawaa Kaabaa aanaa Hidhabuu Abootee jiru sakatta'uun beeksisuu ta'a. Haaluma kanaan qorannoowwan mata-dureekana wajjin walitti dhufeenya qabaniifi kanaan dura hojjetaman muraasni akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

- Qorannoowwan kanneen keessaa tokko Girmaa Taaddasaa (2009/2017),"Qaaccessa faaruu sirba shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu kan Aanaa Yaayyaa Gullallee" yommuu ta'u,kaayyoon qorannichaa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu qaaccessuudha.

Argannoon qorannichaas shimalli ulee dargaggeessi qabatee dhiichisuu filatu ta'ee aangii qabaachuufi yoo rukkutame kan haanxa'u ta'uun hubatameera. Askeessattis afwalaloowwan sirbaa hedduufi hurrubbummaan sochii afwalaloowwan sanaa qorannoo kanaan baay'ee walfakkaata.

- Barruun walfakkiin inni biraan Tigist Sanbataa (2005/2017) waraqaa qorannoo ittiin guutinsa digirii lammaffaaf mata duree, "Qaaccessa qabiyyee afwalaloo Oromoo waltajjii hawaasummaa" haala afwalaoo Salaalee jedhu irrattigaggeeffame. Kaayyoon qorannichaas afwalaloowwan Oromoo adda addaa waltajjiirratti dhiyaatan baasanii qaaccessuudha. Walfakkeenyi qorannoo kanaas afwalaloowwan kun sirba wadaajillee of keessatti kan hammatu ta'uu isaati.

  Fkn. Walawwalaa oolii
  Eeleen caba hin ooltuu
  Wal jaalachaa ooltus
  Addaan baati hin ooltuu

  Akka qorannoo Tigist kanatti misirroon takka hanga feetellee maatis namoota biroos jaalattu gargar bahuun waan hin oolle ta'uu hubachiisa.

- Zabiibaa Muzammil (2007) waraqaa ittiin guuttannaa digrii lammaffaa ishee keessatti mata duree, "qaacceessa weedduu gaa'eelaa Godina Iluu Abbaa Booraa AanaaDaarimuu dhaloota dhufuuf dabarsuu" kan jedhurratti kan xiyyeeffate. Kaayyoon qorannoo ishee gosoota weedduu qoqqoduun agarsiisuu, dhimmoota weedduu gaa'elaa keessatti calaqqisan ibsuufi gahee hirmaattota weeddu ibsu kan jedhuudha. Qoraannoon kun qorannoo kana wajjin wal fakkeeya kan qabu yoo tahu, innis weedduwwan jaalalaa kana keessaa sirboonni jaalala wadaajii agarsiisan walkeessa jiraachuu isaa hubanna. Walumaa galatti qorannoowwan qorattootaan mata duree gubbatti ibsaman irratti dalagaman kun yaaxxina walii galaatiin walfakkatu. Weedduu gaa'elaa keessatti wadaajiin tokko jaalallee isaa yeroo isa biraa heeruma deemtu wantoota jedhee sirbu fa'an baay'ee walitti dhiyaatu.
- Sabsibee Geetahuun (2012) waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf mata duree, "Qaaccessa qabiyyee sirba shaggooyyee" akka naannoo Oborraatti gaggeeffame.

Qorannoon Sabsibee shaggooyyeen bifa ashiitee,daddaysaa,okkooynaa yookan irra qabaa,huruumsaafi lama lamaan kan shubbifamu ta'uu ibsa. Gama biroonis sirbi shaggooyyee ergaawwan akka jaalala ibsuu,jibbiinsa agarsiisuu,quufa ibsuu, dhaadannoofi cimina ibsuuf gabrummaa agarsiisuu kan of keessaa qabuudha.

Tokkummaan qorannoo Sabsibeefi qorannoo kanaa lamaanuu ergaa afwalaloon darbu ibsuufi afwalaloon akkaataa dura duuba ittiin dhiyaatu ibsuudha. Haata'u malee Sabsibeen ergaa afwalaloo gama shaggooyyeen darbu ibsuufi haala afwalaloon shaggooyyeen ittiin dhiyaatu ibsuurratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, qorannoon kun ammoo ergaawwan afwalaloo sirba wadaajiin walqabatanii darban ibsuufi akkaataa dhiyaatina sirba wadaajii waan giddugaleeffatuuf kallattii kana lamaaniin garaagarummaan qorannoo kana lamaan gidduu jiraachutu hubatama.

## BOQONNAA SADI :  MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti dhimmoonni dhiyaatan: saxaxa qorannoo, irraawwatama qorannoo, madda ragaalee qorannoo, mala iddatteessuu, malleen funaansa ragaalee, mala qaaccessa ragaalee, meeshaalee funaansa ragaafi naamusni ogummaa duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti ibsamuuf yaalametti xiyyeeffannaan qorannoo kanaa inni guddaan Sakatta'a afwalaloo Sirba Wadaajii Aanaa Hidhabuu Abootee yeroo ammaa maalirra akka jiru ibsuudha. Dhimmoota akkanaa qorachuuf ammoo  gosa qorannoo ibsaa yookan akkamtaa jalatti ramaduun kan ilaalamaniidha. ba'uurra hubannoo cimaa barbaada Haaluma kanaan qorataan kunis mala kanatti dhimma bahee bakka od-himtoonni jiran deemuun odeeffannoo kaayyoo qorannoo isaa deeggaran funaaneera. Yeroo odeeffannoo kana funaanu namoota miiltoo isaaf ta'an deeggarsa gafaachuun odeeffannoo argame yaadannoo qabachuun walitti qabatee jira. Sababni qorataan gosa qorannoo kanaa filateef ragaa od-himtoonni kennan faana bu'ee hordofuun iddoo gaaffii kaasutti qulqulleeffataa akka deemuuf waan gargaarufiidha. Malli qaaccessa ragaalee qorannoo kanaa immoo  ibsa fayyadamuun qorataan ragaalee bifa garaa garaatiin sassaabaman gadi fageenyaan xiinxalee tokkoon tokkoon isaa adda baasee sakatta'ee ibseera.

### 3.2.Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo qaama qorannoon irratti gaggeeffame kan ilaallatuudha. Qorannoon kunis hawaasa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee irratti kallattiin kan gaggeeffame waan ta'eef irraawwatamni isaa hawaasa Oromoo Aanaa Hidhabuu Abooteeti.

### 3.3. Madda Ragaalee Qorannichaa

Madda ragaa jechuun iddoo(bakka) odeeffannoon qorannoo tokko tarkaanfachiisuu danda'u irrraa argamuudha. Kanaan walqabatee akka qorannoo kanaatti maddi ragaa qorataan itti gargaarame madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha. Maddi ragaa tokkoffaan od-himtoonnifi qaamni odeeffannoo fudhatu kallattiin walqunnamuun odeeffannoo walii kennuufi wal irraa fudhachuun kan raawwatamuudha. Raawwii qorannoo kanaa keessatti qorataan hawaasa Aanaa Hidhabuu Abootee keessa jiraatan keessaa maanguddootaafi dargaggoota akkasumas shamarreewwan mata-duree qorannoo kana irratti hubannoo gadi fagoo qaban akka madda odeeffannoo tokkoffaatti fayyadamuun qorannoo isaa gaggeessee jira.

Gama biraatinis boqonnaa lammaffaa qorannoo kanaa keessatti mata duree qorannoo kanaafi yaada hayyoonni mata duricha irratti kennan walqabsiisaa deemuuf kitaabilee barreessitoota adda addaa sakatta'amaniiru. Qorataan qorannoo kanaas kitaabilee boqonnaa lammaffaa keessatti dubbise kana akka madda odeeffannoo lammaffaatti kan gargaarameedha. Kanaafuu galama gahiinsa qorannoo kanaatiif qorataan madda ragaa tokkoffaafi lammaffaatti fayyadameera.

**3.4. Mala Iddatteessuu (Sampling Method )**

Qorannoo gaggeessuuf kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun iddattoo filachuun barbaachisaadha. Iddattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofatti osoo hin taane sadarkaa adda addaatti ilaalamee filatama. Flick (2002:61) yoo ibsu,

*The issue of sampling emerges at different points in the research process. An interview study is connected to the decision about which persons to interview Furthermore, it eme rges with the decision about which of the interviews should be further treated i.e. transcribed and interpreted (material sampling). Finally, it arises when prese nting the findings; which cases or parts of texts are best used todemons trate the -- ind ing (presentation sampling).*

Akka yaada kanaatti qorannoon tokko yommuu geggeeffamu iddattoon namoota afgaaffiif dhihaatan ittiin filachuuf qofa kan itti fayyadamnu osoo hin taane bakka saditti itti gargaaramna. Jalqaba namoota odeeffannoo kennuu danda'antu filatama; Achiis wayita odeeffannoon funaaname hiikamuufi qaacceffamu itti fayyadamama. Ragaan qaacceffamee bu'aan qorannoo erga beekamee boodas firii qorannoo sanaa qaama dhimmichi ilaaluuf dhiheessuufi agarsiisuuf kamtu akka dhihaatu kan ittiin filamuudha. Iddattoonis adeemsa kanaan kan filatamu yoo ta'u innis jamaa qorannoon irratti geggeeffamu keessaa namoota filachuu jechuudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef ammoo, yeroo, maallaqa, humna namaafi kan kana fakkaataan qusachuuf yaadameeti. Haala kanaan qorataan mala iddatteessuu kaayyeffannoofi darbaa dabarsaa fayyadamuun sakatta'eera. Haaluma kanaan dargaggoota,shamarreefi maanguddoota Aanaa Hidhabuu Abootee mara hirmmaattota qorannoo kanaa taasisuun dadhabsiisaafi nuffisiisaa waan ta'eef iddattoo murteessuun dirqama ta'e. Qorataanis kanuma bu'uureeffachuun ga'eessotaafi maanguddoota aanaa Hidhabuu Abootee(15)fi dargaggoota aanicha keessa jiraatan

(18) waliigala namoota (33) mala iddatteessuu kaayyawaafi darbaa dabarsaa fayyadamuun hirmaattota qorannoo kanaa taasiseera.

Malli iddatteessuu kaayyawaa mala qorataan hojii qorannoo isaa keessatti ka'umsa argachuuf jiraattota aanaa Hidhabuu Abootee keessaa irra caalaa waa'ee sirba wadaajii irratti hubannoo qaban irraa ragaa barbaadu argachuuf akkasumas namoonni kun namoota akka isaanitti sirba wadaajii irratti hubannoo qaban bifa darbaa dabarsaa (snow ball) akka eeran haala mijeessuuf kan gargaaruudha. Iddattoon qorannoo kanaa mala iddatteessuu kaayyawaa biratti iddatteessuu darbaa dabarsaa kan filatamaniidha. Kunis kan filatame darggaggoota,shamarreewwaniifi maanguddoota aanicha keessa jiraatan mara irraa odeeffannoo funaanuun rakkisaafi dadhabsiisaa waan ta'eef namoota kaayyoo sana galmaan gahuu danda'aniifi darbaa dabarsaan iyyaafachuun dhimma kan itti baheedha. Walumagalatti malli iddatteessuu kaayyawaafi darbaa dabarsaa malleen iddatteessuu raawwii qorannoo kanaa keessatti hojiirra oolaniidha.

### 3.6.Malleen Funaansa Ragaalee

Ragaa funaanuun adeemsa raawwii qorannoo keessatti isa murteessaafi barbaachisaadha. Kanaaf qorataan erga iddattoota hirmaachisuu barbaade adda baafatee booda hojiin itti aanu odeeffannoo iddattootarraa funaanuudha.  Malleen odeeffannoo ittin funaanatanis hedduutu jira. Kanuma bu'uureeffachuun qorannoo kana keessatti qorataan odeeffannoo funaanuuf malleen armaan gadiitti dhimma baheera.

#### 3.6.1 Afgaaffii

Afgaaffiin gosoota odeeffannoo qorannoo ittiin funaanan keessaa tokko ta'ee qorataafi qoratamaan qaamaan wal arguun gaaffii dhiyaatuuf deebii kennuun kan raawwatameedha.Haalli qorannoon ittiin funaannamu kun gaaffii afaanii waan ta'eef gaafatamaan gaaffii dhiyaatu dhaggeeffachuun waan beekuufii muuxannoo waa'ee gaaffii dhiyaatuuf sana irratti qabuun kan deebii afaaniin kenneedha.Innis kan barbaachiseefdaawwannaa keessatti wantoota ifa hintaane adda baasuun mirkaneeffachuudha. Namoonni gaaffiin dhiyaateefi ragaan irraa fudhatame xiinxala dookimantiitiin Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Hidhabuu Abootee, manguddoota, namoota sirba wadaajii irratti hubannoo gadi fageenyaa qaban irraa odeeffannoo gadi fageenyaan fudhatamanii jiru.

### 3.6.2 . Daawwannaa

Daawwannaan gosoota qorannoon kun ittiin gaggeeffame keessaa isa tokko ta’ee kan qorataan yoomessa raawwii sirba qorachuu barbaade san daawwachuun yaadaafii qalbiin hubatee ijaan arge kan ibsuudha. Kunis qorannoon bifa gaaffiitiin yoo qorataan yaada quubsaa argachuu hindandeenyeef qabatamaan waan dhugaa ta’e argachuu kan nama dandeessisuudha. Yaada kana ilaalchisee Dastaan(2013) Yaalow (2006) waabefachuun yoo ibsu,“qorataan tokko daawwannaadhaan waan hubate tokkorrattihundaa’uun waa’ee waan daawwate sanii murtii laachuu danda’a” jedhu. Qorataan qorannoo kanaatis maloota ragaa funaansaaf oolan keessaa daawwannaan tokko yoota’u, gosoota daawwannaa keessaa daawwannaa hamma tokkooti (muraasaati). Kunis waqtii birraa fi guyyaa ayyaanotaa keessatti hirmaachuudhaani. Kunis kaayyoo qorannoo kiyyaa namootaaf ergan ibseefi booda hayyama gaafadhee yeroo sirban irraa fuudhuudhaan yoota’u wayitii ayyaanaa waliin keessatti hirmmaachuun kan funaanameedha.

### 3.7. Meeshaalee Odeeffannoo

Meeshaaleen odeeffannoo qorannoo kana keessatti qorataan fayyadames;waraabduu viidiyoofi kaameeraa suuraa yoota’an viidiyoon wayitii sirbaa jiran waraabuuf kan ittitajaajilame yoota’u waraabduu sagalee ammoo gaaffii odeef-kennitoonni gaafataman sagalee sirba wadaajii isaan faarsan waraabuuf tajaajilee jira. Kaameeraan ammoo namoota odeeffannoo kennaniif suuraa kaasuun itti fayyadame. Walumaa galatti meeshaalee kanniinitti hanga danda’ameeen itti fayyadamuun odeeffannoo barbaachisaa ta’an argachuun barreeffamatti jijjiiruu danda’ee jira. Gama biraatiin sirbi wadaajii dargaggoofi shamarreewwan garagaraarraa sagalee waraabuudhaan kan fudhatame, sirbi sirbame qabiyyee sirba yeroo kamii keessa akka galuu danda’u, yookin sirbi sun qabiyyee sirba yeroo kamii wajjiin akka deemuu danda’u ofeegannoodhaan kan barreeffamatti jijjiirame yoo ta’u, sirbi kun namoota garagaraarraa waan funaannameef irra deddeebiin kan jiruuf sirba kana kan irraa hambiseedha. Sababiin irra deddeebiin waan baay’ateefi dha.

### 3.8. Tooftaalee Qaaccessa Ragaalee

Adeemsa raawwii qorannoo keessatti odeeffannoo funaanuu qofti gahaa kan ta’uu miti. Odeeffannoon funaaname haala mata-duree qorannicha waliin deemuu danda’uun xiinxalamuu qaba. Qorataan qorannoo kanaas odeeffannoowwan kallattii garaagaraarraa funaanameefi sirba

wadaajiin walqabatu (80) funaane keessaa sirba (42) ergaafi yoomessa sirbichaa boqonnaa afraffaa keessatti mala qorannoo qulqulleeffannaa yookan ibsaatin qaaccessee kaa’era.

## BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Kutaan kun iddoo odeeffannoowwan meeshaa funaansa ragaalee boqonnaa sadi jalatti ibsamaniin iddattootarraa walitti qabaman bakka hiika itti argataniidha. Qorataanis kanuma sababeeffachuun odeeffannoo kallattii garaagaraan iddattootarraa funaane bifa armaan gadiin sakatta'ee qaaccesseera. Adeemsa qaaccessa ragaa qorannoo kanaa keessatti odeeffannoowwan daawwannaafi afgaaffiin funaanaman waldeeggaruun bakka tokkotti kan xiinxalamaniidha.

### 4.1.Maalummaa afwalaloo Sirba Wadaajii

Akka ragaan iddattoonni kennan agarsiisutti sirbi wadaajii hariiroo jaalalaa warra wal jaalatan lamaan gidduutti gaggeeffamu ibsuuf jecha sirba sirbamuudha.Karaa biraatis jaalalleewwan wal jaalatan lamaan gidduutti mi'aa jaalalaa jiru ibsuufi madaallii jaalalaa wal beeksisuuf sirba sirbamuudha.Sirbi kunis yoomessa of danda'e kan qabuufi akkaataa itti sirbamu walaloo fi yeedaloo mataasaa qaba.Walaloofi yeedaloon kunniin garuu waa'ee dhimma jaalalaa qofa sirbee faarsee jaalala jiru jajjabeessaa kan dide ammoo ittiin qeeqa.(Maddi:Dargaggootaafi Shamarran)

Afee 1.*Qotiyyootu micciire moo Maal ta'eet ofii caba qambarrii*

*Kan jaalatan jaalachuu kan jibbaan jibbuu maali gabbarrii(x2)*

*(Dargaggoo Dabalaa Bahaaruu)*

Akka yaada af walaloo armaan olii bo'oo lammaffaa irra jiru ibsutti wadaajiwwaan wal jaalatan sirnaan kan wal jaalatan ta'uufi kanneen wal dhabanii wal jibban ammoo jibbuu akka qaban akkasumas jaalala keessatti baay'ee wal kadhachuun yookan wal gabbaruun akka hin barbaachisne kan nutty agarsiisuudha.Gama biraatin jaalala wadaajii keessatti jaalachuufi jibbuun filannoo nama biraa osoo hin taane kan abbaa ta'uu "Afawalaoo kan jaalatan jaalachuu, kan jibban jibbuu maali gabbarrii" jedhu irraa hubachuun ni danda'ama.

### 4.2. Hariiroo Wadaajiifi Kennaa Wadaajii Sirba Wadaajii Keessatti

Sirba wadaajii keessatti kennaawwan kennamaniifi jaalalleewwan waljaalatan lamaan addaan baafamanii hin ilaalaman. Sababni isaas jaalala onneerraa yoo waliif qabaatan badhaasa waliif kennu waan ta'eefidha. Akka aadaa wadaajii naannoo sanaatti kennaawwan wadaajiin kennaman keessaa warreen ijoon kanneen akka:karameellaa baalamaarii, shaashii shaarbii, loomiifi urgooftuwwaan adda addaati. Isaan kunneenis bifa garaagaraatin haalota adda addaa keessatti waliif kennamuu danda'u. Kennaa jaalalaa kanas warren wal jaalatan lamaantu keessatti hirmaata. Kennaan isaan waliif taasisan kun kan lamaanituu garaagarummaa yaa qabaatu malee, hiriyaan durbaas mucaa jala llee ishee ta’eef waan bittu akkuma qabdu dargaggoonis jaalallee isaaf haaluma wal fakkatun kennaa biteefii kennuuf kan qabuudha. Shamarreen karammeellaa baala maarii jedhamu yoo bittu; qeerroon sun ammo shaashii shaarbii jedhamu akka kennaatti biteefi kennaaf.Shaashii shaarbii kanas guyyaa beellama isaan lamaanii jalatti wadaajii dhungachuuf akka haguuggii yookan gaaddisaatti itti dhimma baha.

Afee 2: *Yaa Dabalee Dasaa, yaa Dabalee Dasaa*

*Shaarbiin bitee dhufaa shaarbii bareedasaa(x2)*

*( Madda: shamarree Immabeet Qaanqee/ shaayii)*

Afwalaoon armaan olii kunis kan agarsiisu kennaa jaalalaa jaalalleewwan waliif bitan keessaa gosa shaashii shaarbii jedhamu ta’uu akeeka. Shaarbii kanas kan bitu jaallaee dhiiraa yookan qeerroo yoo ta’u, sharreen garuu karameellaa baala maarii mahaarrabiidhaan bittee kennitiifi jechuudha.

Walumaagalatti kennaan wadaajiiwwaan waliif gumaachan kun iddoodhaa iddootti garaagarummaa kan qabuudha.

#### 4.2.1. Kennaa Karameellaa Baalamaarii sirba Wadaajii keessatti

Kennaan kun kan Qarreen durbaa wadaajii ishee isa dhiiraaf bifa kennaatiin gumaachituufidha. Wantoota hedduu gabaarraa bitaman keessaa karameellaa baalamaarituu wadaajiif filatama. Sababni isaas karameellaan baay'inaan mi'aa isaatiin waan beekamuuf mi'aa jaalalaa wadaajiiwwan waliif qaban agarsiisa. Haati gabaa deemte daa'imman isheef maal bittee akka galtu yoo gaafatamte kan jalqabarratti dhiyaatu Karameellaadha. Daa'immanis harmeen isaanii maal bitteefi akka galte galgala kan isaan gaafatan karameellaadhuma kana. Daa'imman ajajachuus ta'ee,ergachuuf kan waadaa galamuuf karameelladha. Ergaan isaas nama jaalataniif waan jaalatan bitu waan ta'eef dhamdhama jaalalaa agarsiisa. Wadaajiiwwan wal jaalatan lamaan akka karameellaa kanaa walitti mi'oofna,baay'ee wal jaalanna ergaa jedhu of keessaa qaba. Karameellaan kunis kan bitamu guyyaa gabaa deemte dhoksaadhan ta'a. Wadaajiin iccitiin ta'a malee namni marti beekuu hin qabu. Keessumaa maatiwwan bu'uuraa kanneen jedhaman haadha, abbaa, obboleessafi obboleettiin beekuun safuudha. Sababni isaas yoo icciticha beekan hiriyoonni ishee fi namoonni biroo ittiin qoosu waan ta'eef dhoksaa barbaada. Hammi kennaa kanaas akkaa aadaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abooteetti murtaa'adha. Innis yeroo baay'ee hanga isaan wal jaalatanirraatti hundaa'a. Jaalalleen Wadaajii ishee sirriitti jaalattu takka karameellaa baalamaarii doozii tokkoo hanga lamaa bittee kennuufii dandeessi.Iddoon kennaan kun itti kennamus murteessaadha. Innis iddoo beellamaatti wal arguun wadaajiin ishee harkaa fudhata.Baalamaarii kanas erga fudhatee booda dhoksee olkaawuun ijoollee umuriin isaanii xixiqqoo naannawa sana jiran firee lamaa hanga sadii kenna. Guyyaa gaafa sanaarraa eegalee dargaggoon kun daa'imman sunneen qeerroon kun wadaajii akka qabuutti isa hubatu. Sababni isaa akka aadaa naannoo sanaatti karameellaa kan nyaatu namoota jajjabaa osoo hin taane daa'immani waan ta'eefidha.Yaaduma armaan olii kana dhugoomsuuf jecha qeerroofi

qarreen Salaalee waa'ee kennaa kana ilaalchisuun akkas jechuun sirbu.

*Afee 3 .Simee manni Liibanii*

*Baasaa Baallamii manni adaree*

*Ani Shaashiin siif bitaa*

*Kooshoo shilingiitu si mararee*

*(Darg.Turaa Hayiluu)*

Afwalaloon "ani shaashiin siif bitaa kooshoo shilingiitu si mararee "jedhu kun irra caalaa kan nutti agarsiisu badhaasa yookan kennaawwan jaalalleewwan waliif kennan keessaa karameellaa baalamaarii yookan kooshoon akka kennaa addaatti kan ilaalamu ta'uu isaati.Haata'u malee akka afwalaloo kanaatti jaalalli jiru jaalala gam-tokkee ta'uu nutti agarsiisa.Innis dargaggoon baay'ee kan ishii jaalatuufi isheen ammoo hedduu kan isa hin feene ta'uu mul'isa.

*Afee 4. Qarree Jammiyyoo gubbaa*

*Koshommiin asheetee ni coccobaa*

*Loomidhaan si dadhabee*

*Baalamaaridhaaniin si sossobaa*

*(Darg. Gammadaa Dhugumaa)*

As jalatti kan hubannu "loomidhaan si dadhabee karameellaadhaanin si sossobaa” walaloon jedhu kan nutti himu mi'aa jaalalaa jiru agarsiisa. Kunis karameellaa baalamaariin loomii caalaa jaalalaaf filatamaa ta'uu dubbata.Asirrattis yaa'i jaalalaa gama tokkoo daambali'uu addeessa. Karaa biraatin qarree laga Jammaa gubbaa muka koshommii jedhamu baay’inaan kan argamufi mukti koshommii kunis yeroo asheeta isaa baafatu baay’inaa akka waan irraa gadi bu’uuf jedhuu sanatti gadi coccoba. Haata’u malee hariiroon afwalaloo bo’oo lamaan jalqabaafi bo’oo lamaan gara dhumaa baay’ee wal hin qabatu. Ergaan afwalaloo kanaa bo’oowwan lamaan gara dhumaa

irratti dambali’ee argama.

**4.2.2.Kennaa Shaashii Shaarbii Sirba wadaajii keessaatti**

Akkuma namoonni addunyaa hedduurra jiran yeroo ammaa wal jajjabeessuuf, jaalala qaban walii qooduuf, waan yaadan waliif dhaaman qeerroofi qarreen Salaalees wadaajii jaalataniif Shaashii shaarbii meetira lama hin caalle kan bifti isaa burtukaanawaa ta'etu kennama. Bifti keelloon kunis ilillii birraan walfakkaatu waan ta'eef baay'ee ija namaatti tola. Shaarbii kanas iddoo namni hin agarreetti kenna. Isheenis guyyaa gaafa beellamaa shaarbii kana uffattee gara isaatti qajeelti. Jaalalleen ishee kunis yoo barbaade irraa fuudhee adda jala hidhachuun, takkaa ammoo fuula isheetti maruun wadaajii isaa ittiin dhungata. Karaa biraatiin shaarbiin gaaddisa dhokannaa warra wal jaalatan lamaanii ta'uun tajaajila jechuudha. Kana jechuun wadaajiwwan wal jaalatan lamaan akka namni tasa isaan hin agarreef jala dhokatanii gora jaalalaa wal unachiisu. Gama biraatin safuu hawaasa biroof yookan dhungoon jalalaa ifaan ifatti osoo hin taane bakka namni hin agarretti ta’uu akka qabu agarsiisa. Akka tasaa namni bishaan waraabuu deemu yoo kan argu taate akkas jechuun afwalaloon itti sirba.

Afee 5. *Qarree Jammiyyoo Gubbaa, Loomii takkittiin lama magartee*

*Nan taajjabin yaa akkoo atis agartee bira dabartee*

*(Madda:Darg. Asmaraa Gameessaa)*

Afwalaloon armaan olii bo’oo lammaffaa irra jiru kun kan mul’isu namni kamiiyyuu jaarsas ta’u jaartiin dhamdhama jaalala wadaajii kana argee bira kuteera jechuudha.

.Ga'ee shaashii shaarbiin jaalala wadaajii keessatti qabu qeerroo fi qarreen Salaalee aanaa Hidhabuu Abootee akka armaan gadiitin sirbu.

*Afee 6 .Yaa Dabalee Dasaa*

*Shaarbiin bitee dhufaa*

*Shaarbii bareedasaa(x2)*

*(Madda: Shamarree Immabeet Qaanqee shaayii)*

Afwalaoo armaan olii sarara lammaffaafi sadaffaa "Shaarbiin bitee dhufaa shaarbii bareedasaa" kan jedhu kun kan nutti himu jaalalleen isaa tuni akka abdiidhaan isa eeggattuuf jecha waan biteefi dhufu itti dhaammata. Dhaamsi isaa kunis gosa kennaa jiran keessaa Shaarbii bifa bareedaa qabu akka biteefi dhufu kan itti himu ta'uu isaati.

*Afee 7. Ejersi hin falaxamuu*

*Dhakaraaf Qottoo naaf bittu malee*

*Ani siif hin araaramuu*

*Shaashii shantamaa naaf bittu malee(x2)*

*(Madda: Shamarree Warqituu Hayiluu)*

Afwalaloowwan armaan olii kanarraa kan hubannu keessumaa sarara lamaan gara dhumaa, "Ani siif hin araaramuu Shaashii shantamaa naaf bittu malee" kanneen jedhan ergaan isaa ijoon hamma na jaalattu baruuf dirqama shaarbii naaf bituu qabda ergaa jedhu qaba. Kanas kan sirbu shamarree ishee durbaati. Kanaafuu kennaa jaalalaa keessaa Shaarbiin akka madda araaraatti ooluusaa hubanna. Kana yoo jennu hammam akka ishee jaalatu baruuf ajaja kana irra keessi jechuudha.Walumaagalatti ga'ee Shaashii Shaarbiin jaalala dargaggoo keessatti qabu, madda nagayaa, madda araaraafi faaya qeerroofi qarreen Salaalee waliif gumaachu ta'uu hubanna. (Madda :Qeerroofi Qarree)

**4.2.3.Kennaa Loomii Darbannaa Sirba Wadaajii Keessatti**

Loomiin biqiltuu yookan ija mukaa nyaataafi urgaaf oolu biqiltuu filatamaadha.Ijji mukaa kun yeroo baay'ee araddaa oddoo qote bulaa baadiyyaa keessa bal'inaan argama.Qote bultootni baay'eenis ija mukaa kana gurguruun akka madda galiitti itti fayyadamuun jireenya isaanii

gaggeessu.Gama biraatin ammoo jaalaleewwan wal jaalatan lamaan firii mukaa kana funaanuun yookaan ammoo gabaarraa deemanii bituun akka kennaatti waliif laatu.Gosti kennaa kanaa kaanirraa kan adda isa taasisu guyyoota ayyaanota waggaa gurguddaa sirbaafi dhiichisni jiru biratti darbatama. Adeemsi kennaa isaas iddoo namoonni hedduun dhiichisaafi ragadaa jiranitti keessumaa fuullee wadaajin isaa jirti jedhee yaadutti fidanii furguuggisu. Adeemsi kunis **'Loomii darbannaa'** jedhamuun waamama. Loomii darbannaa kanas hundatu darbata osoo hin taane namoota jaalallaeen isaanii sirba sana keessa jiruun ta'a. Yeroo baay'ee loomii darbannaa keessatti hirmaachuun kan ifatti bahee mul'atu dargaggootadha. Yeroo kana jennu shamarreenis hin hirmaatan jechuu osoo hin taane kan ifatti bahee mul'atu warra dhiirotaati. Kaayyoon isaas iji mukaa urgaan kun hawwii gara fuulduraa jiru gaarii ta'uu, jaalala urgaa'aa, mi'aawaa, kan foolin isaa funyaan namaarraa hin badne wal jaalanna jechuudha.

(Madda:Maanguddoota,Dargaggootaafi Shamarree).



Suuraa dhiichisa dargaggoofi loomii darbannaa agarsiisu.

**4.2.4.Kennaa Urgooftuu, Harrittaafi Ujubaana Sirba Wadaajii keessatti**

Harrittaafi ujubaanni biqiltuu urgooftuu fooliif tolu kan wadaajiwwaan gurra gubbaafi rifeensa keessa kaawwachuun foolii gaarii qabatanii jaalala isaanii ittiin ibsataniidha.Yeroo baay'ee urgooftuu kana gurra gubbaa kan godhatu qarreewwani malee qeerroo miti.Isheenis jaalallee

ishee biratti urgooftee fudhatama argachuuf jecha kan olkaawwataniidha.Innis jaalallee ishee biratti urgaa'uun jaalala jiru jabeessuuf kan oolu biqiltuu bareedadha.

*Afee 8. Qarree Jammiyyoo Gubbaa*

*Dheeda kormikoo (x2)*

*Guyyaa sambattan lamaan*

*Loomiif Harrittaa*

*Jedha mormi koo*

*(Madda:Darg.Bulloo Misgaanuu shaayii)*

Afwalaloon armaan olii sarara afuraffaafi shanaffaan, "Loomiif Harrittaa jedha mormi koo"kanneen jedhan foolii bareedaa qabaachuu qaama isaa keessaa gara mormaa jala ta'uu isaati. Mormi jaalalleewwanii yeroo baay'ee bakka namoonni baay'een wal dhungatan ta'uu hubanna. Namni baay'ee wal jaalatu irra caalaa morma jala seenee wal dhungata. Iddoon mormaa kuni ammoo qaama hunda keessaa iddoo baay'ee nama harkisu, bakka bareedaa dhungoof mijatu ta'uu akka qabu afwalaloo kanarraa hubachuun nama hin rakkisu. Dabalataanis afwalaloon,"Guyyaa sambattan lamaan" jedhu guyyoota jiran keessaa guyyaa hojiin dabalataa hin jirre yookan guyyaa boqonnaa kana yeroo itti jaalalleewwan iddoo beellamaatti walgahanii morma jala waldhungatan ta'uu baranna jechuudha.

**4.2.5. Faayidaa Kennaan Wadaajii Biratti Qabu**

Kennaan jaalalaa wadaajiwwaan biratti faayidaalee hedduu qaba. Akkuma uummanni Oromoo "harka kennanii miila fudhatu"jedhee mammaaku, hiriyoonni waljaalatan lamaanis waan waliif gumaachan qabaachuu baranna. Qeerroofi qarreen Salaalee yeroo wadaajii isaanii yaadatan kennaa kanas walumaan yaadatu. Kun ammoo hariiroo jaalalaafi kennaa jaalalaa giduu jiru hammam akka jabaataa ta'e nutti agarsiisa. Faayidaalee kennaan wadaajii biratti qabu keessaa

warreen ijoon kan armaan gadiiti.

- Jaalala keessatti madaallii jaalalaa murteessa.
- Amanamummaa jaalalleewwan waliif qaban agarsiisa.
- Turtii jaalallleewwan waljaalatan qaban akeeka.
- Dhugummaa jaalalaa hiriyoota lamaanii murteessa.
- Seenaa jaalalaa bareechee kaa'a.
- Aadaa walii yaaduu cimsee barsiisa.
- Riqicha jaalalaa kan jiguu hin dandeenyefi bubbeen hin raafamne gidduusaanii akka jiraatu taasisa.
- Jaalala hoo'aa maddisiisuufi kanneen kana fakkaatan warreen ijoodha.

(Madda: afwalaoowwan armaan olii irraatti hundaa'uun)

### 4.3.Akkaataa Sirba Wadaajii Ragada Salaalee Keessatti

Ragada Salaalee keessatti sirbi wadaajii haala ittiin gaggeeffamu kan mataasaa qaba.Akka waliigalaatti yoomessa irratti hundaa'ee sirbi wadaajii haala sadiin gaggeeffama.

#### 4.3.1.Qeerroofi Qarreen Toora Tokko Galuun Sirba Sirbamu

As keessatti geengoo dargaggoofi shamarreen sirba ragadaaf qophaa'e sana keessatti qarreewwan gar tokkoon goruun akkasumas qeerrowwaan gama isaaniin goruun mudhii isaanii walqabachuun sagalee wal jalaa fuudhaa walitti ragadu. Dargaggoonis dabareen harkaa fuudhanii gama isaanitti ragadu. Kana yeroo jennus adeemsi sagalee walharkaa butuufi ragadaa kun dabareedhan ta'a.Yeroo sagalee walharkaa fuudhanis hedduminaan namoota walitti aanan lamaa hanga sadii kan hin caalleen yeroo ta'u, al-tokko tokko ammoo erga tokko marti isaanii wal faana olkaasanii

sagaleessuu danda'u.Yeroo kanas haala sirbichaatu murteessa. Yeedaloon sirbichaa baay'ee kan nama harkisuufi gurra namaatti tolu yoo ta'e qeerroowwanniifi qarreewwan sirbicha irratti hirmaatan qalbiifi xiinsammuu isaanii booji'ee osoo itti hin yaadin kanuma sirban keessatti of argu jechuudha.Akkasumas haalli ragada isaanii yeedaloo sirbichaa waliin hidhata qaba. Kana jechuun akkuma weellisaan tokko yeroo weellisu rukkuttaa meeshaa sirbasaa waliin deemu filatu wadaajiiwwanis ragada sagalee sirba isaanii waliin deemu fayyadamu.

| **Warra sirba baasu** | **Warra jalaa qabu** |
|---|---|
| *Afee10.Itti ijjadhuu buqqisi* | *Itti ijjadhuu buqqisi* |
| *Hundee Turungoo* | *Hundee Turungoo* |
| *Salaale teessee* | *Salaale teessee* |
| *Maaliif wallalta dhungoo* | *Maaliif wallaalta dhungoo* |

*(Madda: Darg. Tasfaayee Mangistuu)*

Walaloo sirba armaan olii kana yoo ilaalle hirmaattonni sirba sanii marti isaanii wal-harkaa fuudhanii nama lamaa hanga sadiin yoo itti tole ammoo marti isaanii sagaleessaa walharkaa fuudhaa akkaataa rukkuttaa sirbichaan shoboxee sirba unkuteessu. Afwalaloon sirba kanaas,sirba waa'ee dhungoo jaalalleewwanii yookan wadaajii ibsurra darbee jaalalli wadaajii Salaaletti beekamaafi jaalatamaa ta'uu isaa akeeka.Dabalataanis afwalaloon kun waa’ee muka turungoo kaasuun addeessa. Biqiltuun turungoo jedhamu muka firiin isaa nyaatamu baay’ee mi’aawaa araddaa oddoo keessa biqiluudha. Biqiltuun kun baay’ee jaalatamaafi firiin isaa sirriitti kan mi’aawu ta’uurra darbee akka biyyaattillee bifa alergiitiin galii kan argamsiisuudha. Sagalee sirbaa kana keessattis dargaggoonnis fuullee wadaajii isaanii dhaabbachuun sagalee jalaa fuudhaa shoboxee isaanii itti ragadu. Ragadni Salaalee sirba rukuttaa sagalee waliin deemu ta'ee luka lamaan dabareen kaasuun mudhiifi mormaan walitti ragadu.Wadaajiwwan wal-jaalatan

lamaanis wal-malee nama biraatti ragaduu hin dandeessu.Isas ta'ee isheen nama biraatti ragaddi yoo ta'e waldhabdee cimaatu isaan lamaan gidduutti uumama. Gama tokkoon dargaggeessa wadaajii shamarree isaatti ragadde waliin karaa biraa ammoo wadaajii isaa isatti sirbite tana waliin waldhibdeetu uumama. Akka aadaa naannoo sanaatti wadaajiwwaan waljaalatan lamaan gidduu jaalalli dhugaa yoo jiraate hanga guyyaa gaa'ila isaa yookan isheetti waliin turu malee eessayyuu wal gatanii hin adeeman.

**4.3.2.Qeerroofi Qarreen Wal- keessa Makamuun Geengoo Uumun Sirba Sirbamu**

Adeemsi sirbaa kun ammoo kan gaggeeffamu shamarreen takka dargaggoota lama lama gidduu ooluun walkeessa makamanii sirba sirbamuudha.Kunis kan ta'u,akkuma armaan duraa sana fuullee jaalalleen ishii jiruun yookan ammoo jaalallee ishee cinaa ooluun sagalee waliin sirbu.Taatee wal-keessoo kana keessatti harka isaanii nama cinaa isaanii jiru waliin mudhii keessa wal qabachuun sagalee baasaa walitti ragadu.Walumaa galatti sirboonni gosa kanaa kan gaggeeffamu guyyoota ayyaanota gurguddaafi cidha hiriyaa isaanii keessattidha.

**Warra sagalee baasu.................................................Warra sagalee jalaa qabu**

*Afee11. Mogee keessa naanna'ii.......................Mogee keessa naanna'ii*

*Kooyyaa Kaasayee(x2)...........................Kooyyaa Kaasayee(x2)*

*Si argee natti hin furuu...........................Si argee natti hin furuu*

*Morma kee qaphee haasa'u malee.........Morma kee qaphee haasa'u malee*

*(Madda: Darg.Bulloo Misgaanuu shaayii)*

Af-walaloo sirbaa armaan olii kana yeedaloo isaa wal jalaa fuudhun sagaleessaa ragada unkuteessu. Afwalaloon kunis laga mogor kaasuun haasa’a. Lagni mogee laggeen godina shawaa kaabaa keessatti argamu keessaa isa tokko yoo ta’u; aanaa Yaayyaa Gullalleefi Ahawaalixaa aanaa Gindabarat gidduutti aragama. Lagni Mogor iddoo lafa galma gootaa Kanneen akka

Badhaadhaa Dilgaasaafaa ture. Namichi kaasayee jedhamu kun loltuu Oromoo sirna gita bittaa keessa ture. Qawwee isaa qabatee laga mogiyyoo keessa naanna'aa ture. Lagni mogor iddoo oolmaa gootati. Jaalalleewwan kunis gootummaa kanaan wal faarsu. Jalqaba warra sagalee baasutu wadaajii ishee waliin ta'uun sirba.Itti aansuun warra sagalee sana jalaa qabutu waan isaan sirban osoo itti hin dabalin yookan irraa hin hir'isin yeedaloo isaa waliin sagaleessu.As keessatti kan hubachuu qabnu namni tokko guyyaa gaafa kanaa qofaasaa sagaleessee sirbuu hin danda'u.Qofaasaa sagaleessee sirba yoo ta'e sagaleen ishee nama hin hawwatu yookan humna dhaba.Akkuma mammaaksi Oromoo,"fardi kophaa kaatu hin bareedu" jedhu namni sagaleesaa qofaa sirbus ta'ee,qofaa ragadu hin bareedu jechuudha.Walumaagalatti asirraa wanti hubatamu wanti martuu yoo waliin ta'an tokkummaan bareeda ta'uu nutti agarsiisa.



Suuraa qeerroofi qarreen walkeessa makamuun sirba sirbamu.

### 4.3.3. Qeerroofi Qarreewwaan qofaa qofaa isaanitti bahanii walitti marsuun Sirba sirbamu.

As keessatti qeerroowwan yeroo sirba shimalaa sirban qarreewwan ammoo faallaa isaanitiin sirba sagalee qofaatti bahanii walitti marsuun sirbu.Sababni isaas akka aadaa naannoo sanaatti qarreewwaan sirba shimalaa keessatti hirmaachuu hin danda'an waan ta'eefidha. Sirba wadaajii keessatti hirmaachuuf yeedaloo sirba wadaajii beekuun dirqama.Yoo sana ta'uu sirbichi bareedina dhabuu danda'a waan ta'eef miidhaan gahuu danda'a.Kanaaf qarreewwan qofaatti sirba

ragadaa filatu malee tuffiif yookan sodaaf akka hin taane hubatamuu qaba.

### 4.4. Yoomessa Dhiyaatina Sirba Wadaajii

Sirbi wadaajii callisee kan dhiyaatu osoo hin taane yoomessa murtaa'aa keessatti mul'ata.Qeerroofi qarreewwan sirba wadaajii bakka adda addaatti haala keessa jiraniin walqabsiisanii dhiyeessuu malu.Akka waliigalaatti sirbi wadaajii yoomessa armaan gadii keessatti sirbamuu danda'a.

#### 4.4.1. Sirba Wadaajii Yeroo Ayyaana Waggaa

Ayyaanni Waggaa guyyaa itti namoonni hedduun boqonnaa fudhataniifi hariiroo waliin jireenyaa cimsaniidha.Kana jechuun guyyaa murtaa'aa waggaa keessatti si'a tokko dhufuufi lufu kan ilmi namaa marti eeggatuufi jaalatu guyyaa kabajamaadha.Guyyaan kun yeroo itti firri alaalaa wal gaafatu,hiriyaan wal jaalatan lamaan wal argan sa'aatii murteessaadha.Namoota ayyaana kanatti gammadaniifi akka carraa lootoriitti eeggatan keessaa tokko shamarreefi dargaggoo umuriin jaalalaa isaanii gahe isaan ijoodha. Isaanis guyyaa kana arguuf lafa jala wantoota guuttachuu qaban bitachuun qophaa'u.Akkuma maatiin isaanii waan ayyaana waggaa kanaaf barbaachisu bitanii qopheessan isaan ammoo uffata faayaa wadaajii isaanii biratti fudhatama qabu bitatanii qophaa'u.Kana malees kennaa guyyaa sana wadaajii isaaniif kennan bitatu.Achiin booda guyyaa gaafa sanaa akkuma sa'aatiin kabaja guyyaa ayyaanichaa ga'een iddoo sirbaatti wal ga'u.Achi irrattis kan darbe kaasuun kan dhufuuf akeekaa sagalee isaanii olfuudhanii weeddisu.

*Afee 12. Dajjaa manni lagarraa*

*Dajjaa Galataa manni lagarraa*

*Sanee yoo galaanni guutee*

*Gaafa Masqalaa kootu wal agarraa(X2)*

*(Madda: Shamarree Immabeet Qaanqee shaayii)*

Af-walaloon kun kan addeessu yeroo itti jaalalleewwan lamaan wal argan yoomessa mataasaa qabaachuu nutti agarsiisa.Waqtiin Gannaa akkuma beekkamu yeroo itti bokkaan roobuufi galaanni guutu yeroo mijataa hin taaneefi ayyaanni Masqalaa waqtii birraa yeroo habaaboon dhootu,lagni guute hir'atee firri halaalaa wal gafaatu yeroo murteessaa ta'uu nu hubachiisa.Kanaafuu sirbi wadaajii yoomessa murteessaa qabaachuu nu hubachiisa.

*Afee 13. Yaa dabbasaa Illeentii*

*Sanee dullootan eegaa*

*Wal agarra Qilleettii*

*(Madda: Shamarree Warqituu Hayiluu)*

Afwalaloon kunis wayitii gannaafi birraa yeroo haalli mijatu wal bira qabee agarsiisa.Kanaafuu waqtii Waxabajjiirra waqtiin Sadaasaa yeroo jaalalaaf mijataa ta'uu hubanna.

*Afee14. Abbaan Taklee*

*Gaara gaararraa shallalaa*

*Birraan bariitee*

*Yaa makaraa jaalalaa(x2)*

*(Madda: Darg. Tasfaayee Mangistuu)*

Walaloon armaan olii kunis waqtiin birraa yeroo jaalalaa bareedaa hundaaf mijatu ta'uu nutti agarsiisa.Kanas kan hubachuu dandeenyu walaloo bo'oo sadffaafi afuraffaarra jiru irraati.

### 4.4.2.Sirba Wadaajii Yeroo Coqorsa Guuraa

Coqorsi marga lalisaa waqtii birraa gahuufi shamarran Salaalee hodhaa hodhuuf dhimma itti baatu marga filatamaadha. Margi coqorsaa baay'ee jabaataafi damee hedduu qabuufi iddoo tokkotti bal'atee wal-horuun beekama. Kanaaf yeroo baay'ee maanguddoonni cidharratti **“loo'aa dagaagaa.....hidda coqorsaa ta'aa**"jedhanii kan eebbisaniif.Dabalataanis, Asafaa Tafarraa

kitaaba walaloo isaa Anaaniyaa jedhu keessatti akkas jechuun waa'ee coqorsaa caqasee jira.

*Afee 15. Yeroo coqorsi loo'aa*

*Yeroo kaloon lalisaa*

*Ganni hin darbaa hin beekanii*

*Yeroo galaanni ciisaa*

*(Madda: Tasfaayee Abeebee)*

Walaloo armaan olii sarara jalqabaa"yeroo coqorsi loo'aa"jedhu yoo ilaalle cimina gosa marga kanaafi haala adeemsa guddinasaa hubanna. Margi coqorsaa yeroo baay'ee lafarra loo'uun dameesaa bal'ifachaa guddachaa adeema. Qarreewwan Salaalees gosa margaa kitilaan jiran keessaa coqorsatti kan dhimma bahaniif sababa malee akka hin taane nu hubachiisa. Qarreewwan Salaalee yeroo baay'ee hodhaa hodhuun beekamu. Hodhaan kunis coqorsaafi migira irraa hodhama. Birraan bariitee ayyaana masqalaa barii dubartootni iddoo coqorsi jiru deemuun caffee keessaa coqorsa funaanu. Iddoon kun iddoo filatamaa nama hawwatu bokkaan ganna roobaa bahe magarse iliillii wwan adda addaa ija namaa hawwatanii coqorsa kana guurratu. Wadaajiwwan isaanis akkuma beellama isaanitti iddoo kanatti argamuun maddii garmaamaa foolii qillensa birraa kana fuunfataa kophaadhumasaa sagalee sirba.

*Afee16. Shaalloo tiyyaa coqorsa guuran gahee*

*Shaalloo tiyyaa wayyoo birraan bari'ee*

*Shaalloo tiyyaa anuu badeetan dhufaa*

*Shaalloo tiyyaa tulluu jalaan qaari'ee(x2)*

*(Madda: Tasfaayee Abeebee)*

Afwalaloon sirba armaan olii kun kan agarsiisujaalallee isaa ajaa'ibsiifachaa faarsaa waa'ee coqorsa guuraafi bari'uu birraa waqtii jaalalaa agarsiisa. Kanas kan hubannu yeroo afur irra

deddeebi'ee jechoota walfakkaataniin wadaajii isaa maqaa biraa itti moggaasee yaamaa faarsuu isaati.'Shaalloo'jechi jedhu adii bareedaa biqilaa qamadii fakkaatu wadaajii isaan wal fakkeessee dhiyeessa.Gama biraatin ammoo afwalaloo kana sarara jalqabaafi sarara lammaffaa irratti coqorsaafi waqtii birraa walbira qabuun coqorsi waqtii birraa akka guuramuufi jaalala wadaajiwwaniin walitti hidhata qabaachuusaa agarsiisa.

*Afee17. Birraan bariitee coqorsa guuran gahee*

*Yoon lammaffaa shaggee maqaa kee dhahee(x2)*

*(Madda: Tasfaayee Abeebee)*

Sirbi armaan olii  kunis kan sirbamu waqtiidhuma birraa yommuu ta'u,jaalalleewwan waldhaban lamaan yeroo itti wal akeekkachiisan agarra.Haata'u malee asirraa wanti nuti hubannu waqtiin birraafi coqorsa guuraan kan addan hin baane ta'uu isaati.Sababni isaas margi coqorsaa kan biqilu bokkaadhuma ganna rooben yoo ta'u, kan guuramu garuu waqtii birraa ta'uu isaati.

**4.4.3.Sirba Wadaajii Yeroo Qoraan Cabsaa**

Qoraan cabsuun akka aadaa naannoo sanaatti baay'ee baramaadha.Qoraan kanas kan cabsu qarreewwani malee qeerroo miti.Qarreewwan iddoo qoraan argamuu danda'u deemun dirree bahanii qoraan funaanu.Guyyaa kanas wadaajiwwan isaanii waliin waliif beellamuun achitti walargu.Guyyaa kana kaayyoon qarreewwanii inni guddaan qoraan cabsuu osoo hin taane wadaajii isheen walarguudha.Haata'umalee maatiin ishee kan beeku qoraan cabsuu deemuu ishee malee wadaajii qabaachuu ishee waa takka quba hin qaban.Kanarraa kan hubannus jaalalli wadaajii iccitii guddaa barbaaduu isaati.Qeerroon iddoo beellamaa deemus bifuma walfakkaatun bakka beellamaa maatin mari'atee osoo hin taane dhoksaan ta'a. Yeroo qoraan cabsaa kana wadaajiin ishee sirba jaalalaa barbaade sirba jechuudha.

*Afee 18. Elemtuu qoraasanii*

*Karrayyuun Elemtuu qoraasani*

*Osoo akka Jabbilee*

*Walitti hidhanii nu bobbaasanii*

*(Madda: Darg. Turaa Hayiluu)*

Afwalaloon sirbaa armaan olii kunis kan nu hubachiisu osoo dafnee wal-biraa deemuu baannee,osoo guyyaa guutuu walfaana oollee,maatiin nuuf heyyamee waliin oollee osoo waliin gallee hawwii keenya jechuun sirbanii fedhii keessoo isaanii obbaafatu.Sirba kana irraayis kan barannu safuufi safeeffannaa isaa kan eeggate jaalalli wadaajii dhoksaadhaan osoo maatin hin beekin,osoo yeroo dheeraa iddoo hin taanetti sa'aatii ofii hin balleessin kan raawwatamu ta'uu isaati.

*Afee 19. Yoon Shaggarii gadi ilaalu*

*Quraanillee mana ajjeertii*

*Si jaal'ee yoon du'e maali*

*Busaanillee nama ajjeestii*

*(Madda: Darg. Turaa Hayiluu)*

Akkuma beekkamu jaalalli wadaajii jaalala dhugaa yoomiyyuu hin dagatamne madda onnee jaalalaati. Afwalaloon armaan olii kunis wadaajiwwan wal-jaalatan hanga lubbuun addunyaa kana irraa darbanitti kan hin dagatamneefi dhukkuba biraafi jaalala walbira qabuun jaalalli wadaajii caalmaa qabaachuu nutti agarsiisa.

Walumaagalatti sirbi wadaajii sirbaafi weedduwwan jiran keessaa sirba dhimma jaalalaa qofa kan baay'ee jaalatu faarsuun, kan hin barbaadne ammoo qeeqee ittin kuffisu afoola Oromoo jaalatamaadha.

### 4.5.Jaalalaafi Turtii Jaalalaa Sirba Wadaajii keessatti

Jaalalliifi turtiin jaalalaa jaalalleewwan waljaalatan lamaan gidduu daangaan jiraachuu sirba wadaajii keessatti haala ittin ibsamu kan mataasaa qaba.Hiriyoonni waljaalatan yeroo baay'ee akkuma beekamu jaalala yeroo dargaggummaa isaanii malee umurii guutuu jireenya waliin gaggeessuf kan karoorsanii miti. Innis jaalalleewwan waljaalatan lamaan hanga gaa'ila isaanitti qofa wala jaalatu.Isa kanas akkas jechuun sirbu.

*Afee 20. Yaa kutaa koo yaa kutaa kee*

*Kan hiddiin qabee tarsaasee*

*Yaa carraa koo yaa carraa kee*

*Kan dirqiin gargar nu baasee*

*(Madda: Darg.Tasfaayee Mangistuu)*

Walaloo armaan olii kun kan ibsu dirqamaan addaan bahuu isaaniti. Innis jaalaalleewwan waljaalatan kan adda bahan sababa gaa'ilaatiin ta'a. Afwaalaloon armaan olii bo'oo afuraffaan"kan giddiin gargar nu baase" jechuun baay'ee waljaalanna, garuu kan jaalala keenya caale gaa'ila yookan heerumuu ishiitu gargar nu baase jechuudhaan ibsatu. Akka aadaa naannawa sanaatti jaalalleewwan waljaalatan lamaan sababa heerumaafi rakkoo adda addaa irraan kan ka'e gargar fagaatu malee wal gatanii eessayyuu hin adeeman. Jaalalleewwan muraasni garuu jaalala hoo'aa keessa akka safuufi safeeffannaa naannoo sanaatti duudhaa Oromticha ganamoo ganameetti gaa'ila gaggeeffachuu danda'u. Innis maanguddoo ergatanii fuudhaf heeruma gaggeessuun waliin jiraachuu danda'u jechuudha.

### 4.6.Haala Sirbi Wadaajii Yeroo Ammaa Kana Irra Jiru

Sirbi wadaajii yeroo ammaafi yeroo durii walbira qabnee yoo ilaalle garaagarummaa hedduutu mul'ata. Yeroo durii dardarraaniifi shamarraan iddoowwan garaagaraatti keessumaa iddoo loon

eeganitti, iddoo cidhaatti, iddoo daboottiifi guyyaa ayyaanota garaagaraa sirritti waliif weeddisu turan. Amma garuu suni hundumtuu hafee jaalalli jiru jibbatti, gammachuunis gara lolaattiifi jibbaafi haaloo qabannaa akkasumas daandirratti wal harcaasuun iddoo godhate. Kunis sababoota fi dhiibbaawwaan garaagaraa irraan kan ka'eefi haala addunyaan yeroo ammaa kana keessa jirtu irratti hundaa'uun dhiibbaawwan raawwatamanirraa kan ka'eedha.

Dhiibbaawwan jiran keessaa inni tokko dhiibbaa karaa amantiiti. Dhiibban karaa amantii afoola Oromoo keessaa sirba wadaajii irratti rakkoo guddaa gessiseera. Innis gama lallabdoota amantaa wangeelaa naannawa sana jiraniin akka laafattu ta'eera. Amantaan naannawa sanatti bal'inaan dhiibbaa geessise keessaa inni jalqabaa amantaa Kiristaana Ortodoksiiti. Kana qofa osoo hin taane darbee darbee amantaan pirotestaantiis dhiibbaa mataasaa raawwateera. Dargaggoonni gama amantaa kanaa deemuun ergaawwan gama Qeesotaafi Sheekota akkasumas Paasteroota isaanin isaanif darbu dhaggeeffachuun achii galanii duula afoola Oromoo irratti gaggeessu. Duulli kun ammoo yeroo baay'ee balaa hamaa afoola kana dhabamsiisuuf kaayyeffatee manaa bahe waan ta'eef akka isaan aadaafi duudhaa Oromoo ganamaa kana jibbaniif daandii baneera. Gama biraatin haaalli yeroo addunyaan itti jirtu keessumaa jaalalli dhugaa safuufi safeeffannaa isaa eege hafee harcaatiifi daandii irratti walgatanii deemuun hundee godhate. Kunis rakkoowwaan garaagaraa kanneen akka gaa'ila malee hafuu ,hoji dhabdummaa, dhiphummaa, yeroo malee ulfaa'uu, kaayyoo ofii dagachuu fi kanneen kana fakkaataniif karra saaqeera. Rakkoowwan kanneeniif akka furmaatatti kan ta'uu qabu aadaafi duudhaa ganamaatti deebi'uun waantoota akka cubbuutti ilaalaman kana uummata barsiisuun akka isaan of hin daganne taasisuu.

### 4.7. Gahee Hirmaattota Sirba Wadaajii

Sirba Wadaajii keessatti hirmaattonni bakka guddaa qabu. Adeemsa dhiyaatina sirbichaa keessatti qooda garagaraa bahuu danda’u.Gahee hirmaattota sirba wadaajii keessaa kanneen ijoon:

**A.Yeedaloo sirbaa baasuu:** yeedaloo sirbaa baasuun kennaafi muuxannoo gaafatu qaba.Muuxannoo kana keessaa tokko yeedaloo sirbaa baasuudha.Qeerroon yookan qarreen iddoo sirbaatti argamte takka callisteetuma yeedaloo baasuutti hin galtu.Dursa namni sirbaa jiru waa’ee maalii sirba? Akkamitti sirba? Anihoo yeedaloo kana akkamiinan jalaa qabuu danda’a? yoon danda’e hoo akkamittan sirba? Yeroo akkamiin qaama baasaa jiru irraa fuudha? Gaaffilee jedhan itti yaaduun yoo deebise qofa.Kanaafuu itti yaaduun yeedaloo baasuun gahee hirmaattotaa keessaa isa tokko.

**B.Sirba Bahaa Jiru Jalaa Qabuu:** sirba keessatti oo! een jiraachuun murteessaadha. Inni tokko waamaa yoo ta’e kaawwan ammoo owwaataa ta’a. Kanaafuu sirba wadaajii keessatti tokko yoo sirba baasu kaan ammoo jalaa qabduu ta’uun sirbichatti lubbuu horu.

**C.Ragada Taasisuu:** akkuma hurrubbummaanlubbuu afoolaa ta’e, sirba sagalee keessatti ragadni akka lafee dugdaatti ilaalama. Hirmaattota keessaa gariin yoo sagalee baasu, kuuwwan ammoo walduraaduuban walitti ragadu.Yeroo ragadaniis ta’ee yeroo sagalee sirbaa dabareesaa ammoo eeggachuun ta’a malee erga tokkoo miti. Erga tokko yoo sirban eenyuu eenyuutti akka sirbuufi ragadu hin beekkamu. Sagalees ta’ee shoboxee ragada Salaalee nama waliin sirbitu qabaachuu qabda. Keessumaa ragadni wadaajii waliin bareeda. Wadaajii hin qabu yookan hin qabdu yoo ta’e garuu hiriyaadhuma yaadaa waliin gaggeessa malee qophaa miti. Sirba sagalees ta’ee ragadni gareen bareeda. Kana jechuun hojii gareeti malee dhuunfaa miti jechuudha. Walumaagalatti afoolli kamiiyyuu sochii of keessaa waan qabuuf xiyyeeffannoon gaggeessuun bareedina gonfachiisuudha.

### 4.8.Gosoota Qabiyyee Sirba Wadaajii

Sirba wadaajii keessatti gosoota isaa gargar qoodanii ilaaluuf akka qabxii ka'umsaatti xiyyeeffannoo keessa galuu kan qabu ergaadha. Kanaafuu ergaa isaan dabarsan irratti hundaa'uun sirba wadaajii bakka adda ddaatti qooduun ni danda'ama.Gosoonni qoqqooddii kanaas fakkeenya isaaniifi ergaa isaan dabarsan irratti hundaa'uun bifa armaan gadiin qaacceffamaniiru.

#### 4.8.1.Sirba Wadaajii Yaaddoo Agarsiisu.

Gosoota sirba wadaajii dhiyaatu keessaa tokko kan yaaddoo jaalalleewwan waljaalatan lamaan agarsiisuudha.Yaaddoon jaalalaa adeemsa walirraa fageenyaafi karaa dhabuu jaalalleewwaniitin kan dhufu yoo ta'u, adeemsa rakkoo kanaas sirbanii ibsatu.Yeroo baay'ee yaaddoon jaalalaa sababa heyyama maatii irraa dhabuutin kan uumamuudha.

*Afee 21 (A).Shiboo warra kaajimaa*

*Yaa shiboo bishaan irra naanna'u*

*Torban tokko siif obsee*

*Kan torban lamaa tana hin danda'uu*

*(Madda: Maanguddoo Adaanaa Balaachoo)*

Afwalaloon, “torban lama siif obsee kan torban lamaa kana hin danda'uu” jedhu akkuma ta'etti osoo garaan koo na raafamuu siif obseera,amma garuu torban tokko booda waan tokko obsuu akka hin dandeenye akeekkachiisa.Kanaafuu torbee tokko booda garaan koo na hin danda'uu dafii na dhaqqabi ijaan wal agarraa ergaa jedhu arganna.

*Afee 22(B).Eessanaan dhufee si ilaalaa*

*Aabbaan silaa na eegaa*

*Atis carraa kee jiraadhu*

*Anis carraa koon jiraadhaa*

*Waan godheef rabbumatu beekaa*

*(Madda: Shamarree Warqituu Hayiluu)*

Afwalaloon armaan olii kunis akka waliigalaatti heyyama dhabuu maatii irraa jaalalleewwanii kan agarsiisu yoo ta'u,maatin jabeessanii eegurraan kan ka'e wal argauuf rakkoo ta'uu wadaajiwwanii kan nutti himuudha.Kanas kan hubannu sarara lammaffaa walaloo kanaa "Aabbaan silaa na eegaa"kan jedhurraa yoo ta'u,innis abbaan ishee gadhiisuu dhabuu komachuu ishee agarra jechuudha.

*Afee 23(C). Yaa bubbee maaf muka raastaa*

*Kan murtee mana hin ijaarree*

*Yaa shaggee maaf nama yaaddaa*

*Kan dhuftee nama hin ilaallee*

*(Madda: Dragaggoo Mogos Misgaanuu)*

Akka afwalaloon armaan olii kun agarsiisutti yaaddoon jiru akkuma jirutti ta'ee,dhufanii walilaaluun yaaddoo walbaasuun gaarii ta'uu agarsiisa.Kanas kan hubannu "Yaa shaggee maaf nama yaaddaa kan dhuftee nama hin ilaallee"kan jedhu irraa hubanna.Akkuma bubbeen waan muruu hin dandeenyeef muka raasu,shaggituun dhufuu hin dandeenyees nama yaaddi jechuudha.Lamaan isaanituu waliif faalladha. Akkuma mammaaksi oromoo, "bakka hin waraannetti hin luqqifatin" jedhee mammaaku wanta hin raawwanne waadaa galuun sirrii akka hin taane mul'isa.

### 4.8.2. Sirba Wadaajii Bareedina Jaalallee Dinqisiifatu

Bareedinni kennaa uumamaa kan ganama namaaf laatame yoo ta'eeyyuu qeerroowwan aanaa Hidhabuu Abootee afoola fayyadamuun simboo qabeessa yookan simboo qabeettii wanta isheen qabdu maraaf miidhaginni akka ilaalcha abbaa yoota'es wantoota garaagaraa ilaalun faarsu. Namoonni tokko tokko rifeensa, ilkaan, funyaan, dhaabbata, haala dubbii, haala adeemsaa(walk style), bareedina fuulaafi amala ilaaluun kennaa waaqni ganama kenneef kana ajaa'ibsiifatu.

*Afee 24. Salaale dhooqa dhooqa(x2)*

*Hunduu sumaaf maraataa*

*Magaallee ijji dooqaa*

*(Madda: Dargaggoo Mogos Misgaanuu)*

Afwalaloo "magaala ijji dooqaa"jedhu kun ijji isaa yookan ishee dooqan walfakkeessee dhiyeesse.Dooqni akkuma beekkamu bifa baay'ee adiifi gurracha kuraamaleedaa'immanitti bareedinaaf godhaniifi ittin taphachiisaniidha.Kanaaf ijji namaa hangam yoo bareede illee hanga dooqaa hin bareedu waan ta'eef baay'isee dinqisiifachuu agarsiisa.Dabalataanis afwalaloo kana keessatti sararri jalqabaa fi lammaffaan isuma kanaan walqabata. Innis "hunduu sumaaf maraataa" kan jedhu baay'ee bareduu ishee irraan kan ka'e kan ishee arge maratu jaalata jechuudha.

*Afee25. Dhakaa daaku yaa dhakaa*

*Daaku yaa dhakaa sarajaa walloo*

*Ilkaan caama ganamaa goote*

*Yaa magaallee tiyya balloo*

*(Madda: Shamarree Caaltuu Raggaasaa)*

Afwalaloon armaan olii kunis, “Ilkaan caama ganamaa goote yaa magaallee tiyya balloo” kan jedhu bareedina ilkaanii caama ganamaatiin walfakkeessuun kaa’a.Caamni ganamaa aduu nama hin gubne,baay’es namatti hin qorrine qabbana hiree ganaamaati.Haata’umalee ifti aduu ganamaa akkuma ilkaan kolfaan namatti toluu agarsiisa.

Afee 26. *Darroo roobe yaa muluu*

*Biyya kee Darroo roobe yaa muluu*

*Osoo hin nyaatin gabbataa*

*Namni shurrubbaa kee jala buluu*

*(Madda: Dargaggoo Mogos Misgaanuu)*

Afwalaloon sirba armaan olii, “Osoo hin nyaatin gabbataa namni shurrubbaa kee jala bulu”kan jedhu waa’ee rifeensa ishee ajaa’ibsiifachuu irraa darbee nyaatuyyuu osoo nyaachuu dhiisee gabbachuu agarsiisa.Dheerinni rifeensaa simboo yookan bareedina qarree takkaaf hangam murteessaa akka ta’e hubanna.

**4.8.3. Sirba Wadaajii Namarratti Jaalachuu Qeequ:** jaalalli wadaajii jaalala safuufi safeeffanna isaa eeggate jaalala onnee dhugaati.Haata’u malee yeroo tokko tokko qeerroos ta’ee qarreewwan tokko tokko yeroo wadaajii tokko dhiisee yookan dhiistee kan biraa barbaadantu mul’ata. Irra caalaa gochi akkanaa dargaggoota irratti baay’ata. Sababa adda addaa irraan kan ka’e qeerroon tokko yeroo hiriyaa isaatin wal dhabutu mula’ata.Yeroo kan araaramuun hafee filannoo barbaachatti adeemu.Isa kanas sirbaan yoo agarsiisnu akka armaan gadiitti mul’ata.

*Afee 27. Damee harki kootidhaa*

*Damissee Sagguu harki kootidhaa*

*Namarratti jaalachuun na tuffiidha*

*Moo maal na gootidhaa?*

*(Madda: Dargaggoo Tasfaayee Abeebee)*

Afwalaloon armaan olii kun kan agarsiisu osoo jaalachaa jiruu nama biraa dabalataan barbaaduu mul'isa.Kanas kan hubannu walaloo sarara sadaffaa fi afuraffaa "Namarratti jaalachuun na tuffiidha moo maal na gootidhaa?"kanneen jedhanirraa hubachuun ni danda'ama.Akkuma hayyoonni adada addaa "tokko jaalachuun namummaadha lama jaalachuun sarummaadha"jedhan jaalalli dhugaa nama jalqaba jaalatan sana waliin hanga dhumaatti ta'a malee filannoo deemuun jaalala busheessa jechuudha.

*Afee 28. Damee yaa abbaa Biluu*

*Damissee Sagguu yaa abbaa Biluu*

*Magaalleen irboodha moo*

*Asiraatidha kanan siif hiruu(x2)*

*(Madda: Dargaggoo Fayyeeraa Taaddasaa)*

As keessatti jaalallee nama tokko qofatu tokko jaalata malee namni tokko lama wal irratti jaalachuun safuu cabsuudha. Ergaa kanas kan hubannu afwalaloo kana keessaa bo'oo sadaffaafi afuraffaa irra kan jiru "magaalleen irboodha moo asiraatidha kanan siif hiruu" kan jedhu irrati. Kana jechuun yoo jaalatte kan mataa keetii jaaladhu malee kan nama biraa hin hawwin,tokko tokkumaaf dhalata malee nama lamaaf akka hin taane agarsiisa.

*Afee 29. Mogee keessa naanna'ii gaggaragalii dheedi yaa gurraa*

*Shaggeen tiyya yoo jette shimala qaphuu koottu yaa gurbaa*

*(Madda: Shamarree Simalee Yaaddessaa)*

Sirba walaloo armaan olii, "Shaggeen tiyya yoo jettee shimala qaphuu koottu yaa gurbaa" kan jedhu walirratti jaalachuu agarsiisa. Innis qeerroowwan lamatu qarree takka irratti dorgommii jaalalaa yeroo dhiyeessu agarra.Anatu jaalataa malee si'ii mitii, isheenis s'i osoo hin taane ana

jaalatti jechuudhaan dorgaa dorgee gaggeessu. Adeemsa walitti bu'iinsa hamaa keessa galuu danda'u. Kanas kan hubannu "shimala qaphuu koottu yaa gurbaa" kanneen jedhanirraa hubanna.Gara rukkuttaa shimalaatti seenuun xiiqii keessa wal galchuun wal miidhuun waan ooluu miti.

**4.8.4. Sirba Wadaajii Jaalalli Hiriyaa Daran Cimaa Ta'uu Agarsiisu:**

Jaalalli wadaajii jaalala jabaataa onnee dhugaa yoomiyyuu dagatamuu hin dandeenyeedha. Jaalalleewwan wal jaalatan lamaan hanga lubbuu isaanii kan waljaalataniifi hanga gaa'ela isaanitti mamii tokko malee abdii jaalala dhugaati. Jabinni jaalalaa garuu warra wal jaalatan sana irratti hundaa'a.Yoo abban laaffise ni laaffata, yoo jabeessee illaale garuu ni jabaata. Kanas sirbaan gabbisanii dhiyeessu.

*Afee 30.Walawwale Seefunii goofaree walawwake Seefunii*

*Guyyaa nama hin teessisuu halkan nama hin raffisu kee kunii*

*(Madda: Dargaggoo Girmaa Taddasaa)*

Afwalaloon armaan olii kun, "Guyyaa nama hin teessisuu halkan nama hin raffisu kee kuni" inni jedhu jaalalli wadaajii hammam hamaafi jabaa akka ta'e agarsiisa. Halkaniifi guyyaa waliiwal nama wallaalchisuun isaa cimina isaa agarsiisa.

*Afee 31. Dagami asmaraan koo(x2)*

*Guyyaa si biran oolaa*

*Halkani makaraan koo*

*(Madda: Dargaggoo Geetuu Eebbaa)*

Afwalaloo armaan olii irraa kan hubannu jaalalli wadaajii hangam takka rakkisaa akka ta'eefi kan yeroo namaa hin laanne ta'uu mul'isa. Isa kana kan hubannu walaoo, "guyyaa si biran oolaa halkani makaraan koo"kan jedhurraa hubanna.Yeroo guyyaa walbira jiran waliin bashannanaa

yeroo addaan bahan rakkoo hamaa keessa akka seenan hubanna.

*Afee32. Dabaleen walii lamaa*

*Tokko akka diimaa magaalatii*

*Kee kun jaalalaa mitii*

*Keessa akka miidhaa ayyaanaatii*

*(Madda: Maanguddoo Qiroo Adinoo dur shaayii kan turte)*

Afwalaloon,“Kee kun jaalalaa mitii keessa akka miidhaa ayyaanatii” jedhu akkuma ayyaanni ofii yookan Oromoo yoo dhimma tokkorratti nama tuqe yeroo kamiiyyuu waanuma sana fedha. Wadaajiwwanis tuqaa ayyaanaa kanaan walfakkeessuun akka waan ayyaanni isaanii irratti mil’atee sana wal malee jechuun walitti maraatu jechuudha. Walumaa galatti afwalaloon sarara sadaffaafi afraffaarra jiru kun ciminni jaalala wadaajii hangam akka gahu barsiisuuf ayyaantummaa abbaa Oromootin walfakkeessa jechuudha

**4.8.5. Sirba Wadaajii Qomoo Faarsaa Alagaa Qeequ.**

Adeemsa jaalala wadaajii keessatti karaan ittiin sanyii ofii faarfatanii fi alagaa qeeqan hedduutu mul’ata. Akkuma mammaaksi Oromoo “Alagaa gaafa kolfaa fira gaafa golfaa” jedhee mammaaku alagaan daandii irratti si gatee akka darbuufi firri ammoo hammamillee hammaatu daandii irratti yookan rakkoo irratti akka nama hin ilaalle hubanna. Qeerroowwaniifi qarreewwan Oromoos sirba wadaajii kana fayyadamanii akkaataa itti qomoo ofii faarsan agarra.

*Afee 33. Bishaan hallayyaa jalaa xiqquma dhugii amma xabalaa*

*Na jaalata hin se’inii alagaan qalbii nama safaraa*

*(Madda:Maanguddoo Qiroo Adinoo dur shaayii kan turte)*

Afwalaloon, “Na jaalata hin se’inii alagaan qalbii nama safaraa” jedhu kun hanga fedhellee afaanin fafakkeessu namni ati keessa isaa hin beekne tokko jaalala dhugaa siif hin qabu.Karaa

biraatin jaalalli alagaan yookan namni ati eenyummaa isaa hin beekne siif qabu yeroof si gowwomsa malee yoomiyyuu kee akka hin taane kan ibsuufi nama ofii kan eessaa dhufteesaa beekan jaalachuun egeree boruu namaatiif gaarii akka ta'e akeeka.

### 4.8.6. Sirba Wadaajii Daafuree Qeequ

Yeroo baay'ee jaalala wadaajii keessattii ulaagaan jalqabaa bareedina fuulaati. Yeroo kana jennu ulaagaaleen biroo keessa hin galan jechuu osoo hin taane kaan isaaniin adeemsa keessa wal baraa adeemu.Akkuma mammaaksi oromoo "nyaanniifi fuulli dhoksaa hin qabu"jedhu qaamota ilma namaa keessaa kan fuulletti bahee mul'atu fuula namaati. Kanarraa kan ka'e namni tokko salphumatti fuula keessa ilaaluun abaluun tun funyaan ishii qajeelaadha,isheen ammoo daafureedha,inni kun magaala,sun ammoo diimaadha jechuudhaan bifa namaa murteessa. Filannoon bareedinaa garuu yeroo baay'ee abbaa jaalate sana irratti hundaa'a. Kana jechuun Filannoon isa tokkoof bareedaa nama biraaf fokkisaa ta'uu danda'a. Gama biraatin kan isa tokkoof fokkisaa ammoo isa biraaf bareedaa ta'ee mul'ata. Ta'ullee akka waliigalaatti akkuma bareedni jiru kan namoota hedduu biratti ijaaf hin tolle jiraachuu isaa nu hubachiisa.

*Afee 34. Shaggarii si bitanii*

*Yaa Moqorqoraa miila soddomaa*

*Bareedan jedhe malee*

*Daafureen qe'ee keenya soddomaa*

*(Madda: Shamarree Immabeet Qaanqee/shaayii)*

Afwalaloon "bareedan jedhe malee daafureen qe'ee keenya soddomaa"jedhu ani kanin barbaadu kan nama hawwattu, bifa toleettii malee kan bifa hin bareedne miti. Yeroo baay'ee kan jaalalaaf hin barbaadamne daafuree,fungaa,daalattii,funyaan muree,gurcuu,seenxii,gurraacha seexanafi k.k.f. jechuun qeeqa isaanii qeequ.

*Afee35. Mogee keessattin argee*

*Utubaa manjii,utubaa manjii*

*Tunuu nama tuffattii*

*Kan hunduun dabaaqula faranjii*

*(Madda: Dargaggoo Bulloo Misgaanuu/shaayii)*

Afwalaloon “Tunuu nama tuffattii kan hudduun dabaaqula faranjii” jedhu namni nama hin caallee ofii gaditti nama ilaaluu,akkasumas qaama ishee kan amma dabaaqulaa gahu kana baattee waa’ee namaa ilaalcha hin taane qabaatti.

*Afee36. Qarree Jammiyyoo gubbaa*

*Leenci walqixxaate lama ta’ee*

*Gurraacha hin jaalatinaa*

*Seexanatuu maraatee nama ta’ee*

*(Madda: Dargaggoo Tasfaayee Mangistuu)*

Afwalaloo “Gurraacha hin jaalatinii seexanatuu maraatee nama ta’ee” jedhu nama bifi isaa gurraacha ta’e bifa seexanaatiin walfakkeessuun tuffii jiru agarsiisa. Haata’u malee,faallaa kanaan yeroo tokko tokko nama gurraacha malee nama diimaa kan hin jaalanne hedduutu mul’ata. Akka waliigalaatti afwalaloon kun bifa bu’uura godhachuun jaalalaafi tuffii qabu agarsiisa.

**4.8.7. Sirba Wadaajii Hamii Garee Faallaa Jaalala Isaanii Qeequ**

Akkuma mammaaksi Oromoo “Afaan hamii bare utubaatti hasaasa” jedhu hawaasa keessatti namoonni tokko tokko waa’ee dhimma isaanii dhiisanii yeroo waa’ee dhimma biraa haasa’antu mul’ata. Adeemsi akkasii kunis ‘hamii’ jedhamuun beekama. Hamiin iddoo namni sadaffaan yookan kan waa’een isaa dubbatamu hin jirreetti haalaafi amala akkasumas

hojii nama sanaa dhugaa jirurraa dabsanii haasa’uudha. Namoonni hamii kana gaggeessan yeroo baay’ee namaafi nama,hiriyaafi hiriyaa,firaafi fira gargar qooduu hojii idilee isaanii godhanii ilaalu. Waa’ee ofii isaanii lafa kaa’anii kan nama biroo yoo odeessan gammachuu argatu. Yeroo baay’ee qaama sadaffaa isaan bira hin jirre irratti xiyyeeffachuun olbaasanii buusu. Wadaajiwwan salaalees namoota akkasii afwalaloon sirbanii qeequ.

*Afee 37. Qorqoorroon hin dhimmisuu*

*Mee jala galii laali yaa tumtuu*

*Ofii bira dabartee*

*Dubara ammaa jetti hundumtuu*

*(Madda: Shamarree Boontuu Garramoo)*

As keessatti “Ofii bira dabartee dubara ammaa jetti hundumtuu” kan jedhu namoonni hedduun umuriin jaaran waa’ee shamarree yeroo ammaa nama biraatti yommuu dubbatan dhagahan.Kana kan dhagahanis darbaa dabarsaan ta’uu danda’a. Kanaafuu waanuma isaan raawwachaa turan irraa dhaalun fudhatanii hojiirra oolchan malee wanta biraa miti jechuudha.

*Afee 38. Yaa Dabalee yaa dabal naggaadicha koo*

*Kuttuu Waraabessi nyaate haadhaf ilmoo*

*(Madda: Dargaggoo Bulloo Misgaanuu/shaayii)*

Afwalaloo “Kuttuu waraabessi nyaate haadhaf ilmoo” jedhu kan namaafi nama garagar baasuuf dhama’u balaan irra bu’uu agarsiisa. Kuttuun kan nama gargar qoodu,walitti nama buusuu malee kan araara hin jaalanne hojii dalgaa nama hojjatu sirba kanaan qeequ. Keessumaa hiriyoota jaalalaa lamaan gidduu galuun adda baasuuf kan dhama’uf afwalaloo weellifamuudha.

### 4.8.8. Sirba Wadaajii Muufii Agarsiisu

Muufiin waldhabdee wadaajiiwwan lameen giddu jiru kan ibsu yoo ta'u,badii jaalallee tokkorraa kan madduudha. Hiriyoota waljaalatan lamaan gidduudhaa tokko yoo rakkoo qabaate kan balleesse sanatti muufachuutu uumama. Yeroo kana abbaan badii akka rakkoo ishee himattuuf afwalaloo fayyadamee sirbee sirbisiisee ergaa dabarfata.

*Afee39. Bishaan Hallayyaa jalaa*

*Xiqquma dhugii miila dhiqadhuu*

*Mataa natti hin baatinii*

*Waan garaa si nyaate natti himadhuu*

*(Madda: Shamarree Immabeet Qaanqee/shaayii)*

Afwalaloo “mataa natti hin baatinii waan garaa si nyaate natti himadhuu”jedhu waan garaa si hanqate muufii qabdu baasitii natti himi malee naan hin oodiin na waliin haasa'i jechuu barbaade. Innis kanaan dura dhimma ta'e irratti walitti bu'uudhaan rakkoo uumamae yaadachuufi yaadachiisuu yoo ta'u,waan sana baasanii erga dubbatanii booda nageenyi akka bu'u taasisu.

### 4.8.9. Sirba Wadaajii Gaabbii Agarsiisu

Gaabbiin waan argamuu hin dandeenya; gocha yeroon isaa irra darbe; kan deebi'ee dhufuu hin dandeenye garuu isa dhufuuf barnoota ta'u hojii kaleessaati. Akkuma mammaaksi oromoo “eegeefi gaabbiin duuba oolti” jedhu wadaajiwwan walitti muufatan yeroo isaan oolanii bulanii walitti deebi'uu barbaadantu mul'ata. Gaabbiin yeroo baay'ee boodarra dhufa . Kana jechuun walitti bu'iinsa wanta xixiqqoo irra darbamuu danda'u garuu yeroo sanaaf baay'ee nama aarsu irraa madda. Haa ta'u malee godaannisa irra darbamuu hin dandeenye nama keessatti uumuun boodarra gaabbii cimaa keessa nama galcha. Jaalalleewwan waljaalatanis sababa adda addaatiin

walitti erga bu’anii booda gaabbii isaanii agarsiisuun afwalaloo fayyadamanii sirbanii waliif ibsu.

*Afee 40. Waajju galaana daakaa*

*Dildila ceesisuufi*

*Ayyaanni kee jabaadhaa*

*Sitti na deebisuufi.*

*(Madda:Maanguddoo Qiroo Adinoo/dur shaayii turte)*

Afwalaloo “Ayyaanni kee jabaadhaa sitti na deebisuufi” jedhu duraan sababa hin beekamneen gara biraa erga deemtee yookan deemee booda waan mara wal bira qabee madaaluun gaabbii keessa galuu agarsiisa. Innis haala isaan waliin ta’aa turan,oolmaa waliif oolan,jaalala waliif qaban sammuu keessa nannaannessanii erga ilaalanii booda murtee walitti deebi’uu afwalaloo kanaan wal beeksisu.

**4.8.10. Sirba Wadaajii Kan Wadaajii Dhungatu Qeerroo Ta’uu Akeeku.**

Jaalala wadaajii keessatti abbummaan kan hirmaatu qarreefi qeerroo Oromoo bultii hin ijaarranne ta’uun wal nama hin gaafachiisu. Sababni isaas akka aadaa Godina Salaaleetti jaalalli wadaajii waqtii dargaggummaa ofii muuxannoo jireenya ofii kan keessatti qooddataniifi maal akka fakkaatan kan keessatti of ilaalan daawwitii jireenyati. Ergaa bultii ijaarratanii booda yaadni namaa garagar waan qoodamuuf akka aadaa naannoo sanaatti Suubboon jaalala wadaajii qabaachuun safuu guddaadha. Kanumarraa ka’uun akka tasaa namni Suubboo jaalate yoo jiraate afwalaloon sirbanii itti qoosu.

*Afee41. Suummoon ingirgibiidhaa*

*Jaalattu qeerroo jaallu*

*Suubboon likiskisiidhaa(x2)*

*(Madda: Maanguddoo Qiroo Adinoo/dur shaayii kan turte)*

Afwalaloo “Jaalattu qeerroo jaallu suubboon likiskisiidha” jedhu jaalala wadaajii keessatti kan safuufi safeeffannaa eegu qeerroodha malee suubboo akka hin taane dubbata. Namni bultii ijaarrate jalqabumaayyuu waa’ee bultii isaa yaaduurraan kan hafe dhimma biraa keessa galuu akka hin qabne dargaggoofi shamarreen dursanii beeku. Asirratti kan hubatamuu qabu jaalalli wadaajii waldhungachuu irraan kan hafe dhimmoota jaalalaa biroo kanneen akka sagaagalummaa gaggeessuun haraama. Suubboon ammoo jaalala wadaajii sana bira darbee gara sadarkaa jaalala biraatti waan ce’ee jiruuf, sagaagalummaa gaggeessuu akka danda’u beekamaadha. Kanaafuu shamarreen dogoggortee Suubboo jaalatte daftee akka irraa deebitu sirba kanaan akeekkachiisu jechuudha.

*Afee 42. Shalashalee Kabootaa*

*Jaarsa maal itti gootaa*

*Itti naqi Sarootaa(x2)*

*(Madda: Maanguddoo Qiroo Adinoo/shaayii kan turte)*

Afwalaoon “Jaarsa maal itti gootaa itti naqi Saroota” jedhu jaalala wadaajii keessatti kan hirmaatu jaarsa yookan maanguddoo osoo hin taane qeerroodha. Sababni isaas jaarsi araarafi sirna gaa’ilaa keessatti malee iddoo jaalala wadaajii keessatti iddoo akka hin qabne afwalaloo kanarraa hubanna.

**4.8.11. Sirba Wadaajii Jaalala Dhoksaa Qeequ**

Jaalalli dhoksaa qeerroo yookan qarreen takka osoo hiriyaa qabduu iddoo inni yookan isheen hin jirretti yeroo nama biraa jaalattutu jira. Yeroo kana qaamni isaan lamaan beeku wayii arguu danda’a. Akkuma mammaaksi oromoo “Dhokattee waa hin raawwatin nama dhokatee taa’utu si argaa” jedhu jaalalli dhoksaan raawwatu dhokatee hin hafu jechuudha. Yeroo baay’ee wadaajiin

dhoksaa dargaggoota irratti baay'ata. Kun ammoo wal amantummaa isaanii laaffisaa adeemuun walitti bu'iinsaaf karaa saaqa. Shamarree takka iddoo ishiin qoraan cabsituttis ta'ee bakka coqorsa guuratti qeerroon tokko wadaajii biraa qabaachuu ishii osoo hin beekin wadaajii qabuu danda'a. Haata'u malee guyyaa gaafa sanaa dhungachuu danda'a. Namni biraa ammoo ishee arguun wadaajii isheetti erga himee booda kallattiin itti dubbachuurra yeedaloo sirbaa kanaan itti sirba.

*Afee43. Jimaan  qabame hin jennee*

*Kan qarreerra deemu Jimaa mitii*

*Abbaa feete jaaladhuu*

*Eenyutu si argee natti himaa mitii(x2)*

*(Madda: Dargaggoo Bulloo Misgaanuu/shaayii)*

Afwalaoo "Abbaa feete jaaladhu eenyutu si argee natti himaa mitii" jedhu bakka namni nama hin agarreetti waan barbaadde hojjachuu dandeecha. Haa ta'u malee keessi isaa aariin waan guutame fakkata.

*Afee 44. Harooressa qabataa*

*Dirribaan harooressa qabataa*

*Abbaatu bira hin jirreef*

*Shurrubbaa qabee itti taphataa(x2)*

*(Madda: Dargaggoo Tasfaayee Abeebee)*

Afwalaloo "Abbaatu bira hin jirreef shurrubbaa qabee itti taphataa" jedhu bakka wadaajiin ishee bira hin jirretti dhoksaadhaan qabee wadaajii dhungata jechuudha. As keessatti namni biraa argee qaama sadaffaa isaan bira hin jirre sanatti himuuf waan qophaa'e fakkaata. Beellama malee lafa hurufaa deemuun jaalala qaama nama biraaf of saaxiluu wadaajii nutti hima.Kunis balaa

dabalataa walitti bu'iinsaaf karra banaa deemuun akka yeroo gabaabaa keessatti adda bahan taasisa.

### 4.8.12.Sirba Wadaajii Jaalalli Hiriyaa Kan Gita Hin Qabne Ta'uu Agarsiisu

Jaalalli dhugaa hiriyoota waljaalatanii dorgomaa kan hin qabneedha.Kunis firas ta'ee hiriyoota biroo waliin kan wal hin gitneedha. Sababni isaa jaalala kanaaf jecha waliin yeroo kufanii ka'aniifi bu'anii bahan argina.Wadaajiiwwan jaalala dhugaa waljaalatan hanga lubbuu waliif kennuutti gahu. Kanuma bu'uura godhachuun jaalallee isaanii eenyumaanuu hin qixxeessan.

*Afee 45. Kororimaa baalarra firee nyaatanii*

*Hin sobanii kooderra shaggee yaadanii*

*(Madda; Dargaggoo Mogos Misgaanuu)*

Afwalaloo "Kooderra shaggee yaadanii" jedhu fira aantee kamirraayyuu wadaajii ofiitif akka roora'an agarsiisa. Kun ammoo jaalalleen ofii koodee ofii caalaa yeroo gaddaas ta'ee gammachuu kan wal bira dhaabbatan ta'uu mul'isa.

*Afee 46. Muluu Asanuu malee maaltu Hallayyaan hurufa jedhaa*

*Garaa jaalate malee maaltu alagaadhan fira jedhaa*

*(Madda; Dargaggoo Mogos Misgaanuu)*

Afwalaloo "Garaa jaalate malee maaltu alagaadhan fira jedhaa" kan jedhu jaalalli wadaajii waan ta'uu hin dandeenye tokko akka ta'u taasisa jechuudha. Kana jechuun silaa wadaajiin karaa baayoolojikaalaa alagaadha  garuu jaalalli wadaajii kun adeemsa baayolojikaalaa kana jijjiiruuf humna qabaachuu nu hubachiisa.

### 4.9.Seerota Hirmaattonni Sirba Wadaajii Osoo Sirbatti Hin SeeninDura Beekuu Qaban

Sirba wadaajii osoo hin sirbiniin dura wantootni hirmaattonni beekuu qaban hedduutu jira. Seerota kanas namni weellisu tokko itti yaadee yeedaloo isaa dursee beekuu qaba. Seeronni

kunneenis kan armaan gadiiti.

- Sirbuun dura waan sirban sirriitti adda baasanii beekun dirqama.
- Walaloofi yeedaloo sirba sanaa beekuu qaban.
- Sagaleen isaanii sirba sanaaf mijatuufi mijatuu dhabuu adda baasanii beekuu qabu.
- Yoomessa sirba sanaa addaan baasanii beekuun dirqama.
- Sirbaaf fedhii qabaachuu, keessatti hirmaachuufi k.k.f

## BOQONNAA SHAN: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana keessatti cunfaa, argannoofi yaboo qorannichaa meeshaalee funaansa ragaa gosa adda addaatiin funaanamantu cunfamee dhiyaata. Kuniis, hojii qorannichaa irratti hundaa'uniifi yaadoota ka'an bu'ureeffachuun kan raawwatamu ta'a. Kana malees, haaloonni sirna fayyadama afwalaloo sirba wadaajii Oromoo Salaalee keessa jiru maal akka fakkaatu adeemsa qorannichi keessa darbe cuunfaa keessatti ibsama. Itti aansuun argannoofi yaboon qorannichaa duraa dubaan dhiyaatanii jiru.

### 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaate yommuu ta'u, boqonnaa tokko keessatti dhimma fookiloorii Oromootin kan walqabatu yoo ta'u goorowwan fookiloorii jalaayis afoolarratti kan xiyyeeffatuudha. Kunis dameewwan xixiqqoo afoolaa jalaa afwalaoo akkasumas afwalaloo keessaa ammoo sirbi wadaajii qeerroofi qarree Salaalee maal akka fakkatu isaan akkamii akka ta'an sakatta'amanii ibsamanii jiru. Kaayyoon qorannoo kanaas sirba wadaajii Oromoota Salaalee Aanaa Hidhabuu Abootee maal akka fakkaatu sakatta'uun rakkoolee gama itti fayyadama sirba kanaan walqabataniif furmaata kaa'uuf akka gaggeeffame ibsameera.

Boqonna lama keessatti immoo yaadrimeewwan sirba wadaajii maal akka fakkataniifi haala fayyadama sirba wadaajii waliin walqabatan irratti sakatta'ibarruu walfakkii gaggeefameera. Kuniis, yaadawwan maalummaa sirba wadaajii waliin hidhata qabaniin yeroo ilaalaman sakatta'a barruu aantee keessattiis qorannoowwan kanaan dura sadarkaa digirii jalqabaafi eebbabooda mata duree kana waliin hidhata qaban, haala fayyadama afwalaoo dhaabbileefiiddoowwan adda addaatti hojjataman ilaaluuf yaalameeera. Akkasumas boqonnaa sadaffaa keessatti malli qorannoo, iddattoo, funaansa ragaafiqaaccessi ragaa qindaa'ee jira. Mala qorannoo ibsaa ( akkamtaatiin) Fayyadaamuun qaamoolee barbaachisoo ta'an hirmaachiseera. Isaaniis: Itti gaafatamaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii tokkoo,dargaggoota,qarreewwaniifi maanguddoota dhimma kana quba qaban jedhaman digdamii afur, walumaagalatti nama afurtamii saddeet irraa mala akkayyoofi darbaa dabarsaatti fayyadamuun hojiirra oolee jira. Dhimma kana galmaan

ga'uuf malleenfunaansa ragaa adda addaa hojiira oolanii jiru. Isaanis: afgaaffii,daawwannaafi sakatta'a dookumantii adda addaati. Akkasumas afgaaffiin maanguddoota,qeerrowwaniifi qarreewwan waliin taasifamee jira. Qabxiilee daawwannaafqophaa'en,dargaggootaafi shamarree guyyaa ayyaanotaafi coqorsa guuraa sirba wadaajii sirban yeroo sadi gaggeessuuniifi sakkatta'i dookumantii taasifamee jira. Boqannaa afur keessatti immoo iddoo ragaaleen bifa gara garaan funaanaman bifa jechaan qaaccefamanii dhiyataniidha. Dhimmoonni waliigalaan qaacceessi irratti gaggeeffamees yoomessa sirba wadaajii,faayidaafi akkaataa fayyadama qeerroowwaniifi qarreewwan bu'uura godhachuun kan sakatta'amaniidha.

## 5.2 Argannoo Qorannichaa

Raawwii qorannoo kana irraa qorataan argannoo armaan gadii bira gaheera**.**

- Sirbi wadaajii sirba jaalalaa ta'ee baay'inaan kan keessatti qooda fudhatu qeerroofi qarree Oromoo Salaalee ta'uun hubatameera.

- Faayidaan sirba wadaajii jaalala hiriyootaa mi'eessuu,jabeessuufi jibba balleessuu akka ta'e barameera.
- Sirbi wadaajii yoomessa isaa irratti hundaa'ee nama dhuunfaas ta'ee gareen kan sirbamu ta'uun hubatameera.
- Qeerroo yookan qarreen takka jibba,muufii,sodaa,yaaddoofi jaalala qaban sirba wadaajii kana fayyadamanii quuqqaa garaa isaanii akka waliif dabarsan hubatameera..
- Qarreen yookan qeerron tokko hirmaataa wadaajiis ta'ee sirba wadaajii ta'uuf dursa wadaajii qabaachuu,sagalee sirba wadaajiif mijatu,umurii jaalalaaaf gituufi jaalala kennuufi fudhachuuf qophii ta'uun barbaachisaa akka ta'e beekuun murteessaa ta'uun bira gahameera.
- Sirba wadaajii keessatti kennaan jaalalaa riqicha jaalalleewwan lamaan walqunnamsiisuufi madaallii jaalalaa beeksisuuf akka oolu hubatameera.

### 5.3.Yaboo

Qorataan qorannoo kanaa argannoo qorannichaan bira gahe bu'uureeffachuun yaboo armaan gadii bifa armaan gadiin kaayera.

- Ragaaleen wadaajiifi sirba wadaajii ilaalchisee jiran sadarkaa afaanii qofaan waan jiruuf osoo gara barreeffamaatti jijjiiramee gaariidha.
- Sirba wadaajii sirbuu seenanii rakkachuurra dursanii yeedaloo sirbichaa adda baasanii erga baranii booda osoo keessatti hirmaatanii gaarii ta'a.
- Dhaabbileen amantaa tokko tokkoofi namoonni aadaa kana quba hin qabne ilaalcha hin taane waan qabaataniif gama Waajjira Aadaafi Tuurizimiitin muuxannoon osoo kennameefi gaarii ta'a.
- Sirbi wadaajii qarreewwaniifi qeerroowwan osoo gara bultii ijaarrannaatti hin seenin dura muuxannoo jaalalaa barsiisa waan ta'eef,osoo hirmaannaan isaanii laaffachuu baatee gaarii ta'a.
- Yeroo ammaa kana aadaan sirba wadaajii kun laaffataa jira waan ta'eef manneen barnootaa keessatti bifa gumiin akkasumas Waajjirri Aadaafi Tuurizimii sirboota kana funaanuun osoo socho'ee gaariidha.
- Maatiin dargaggootaafi shamarreewwan umuriin isaanii jaalalaaf gahee sirbi kun faayidaa malee miidhaan isaa irra hedduu miti waan ta'eef akka keessatti hirmaataniif karra osoo bananiifi gaarii ta'a.

## Wabiilee


Alamaayyoo Hayilee, Booshii Gonfaafi Daani'eel Dheeressaa (1998). **Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa.** Finfinnee: Birhanena Selam Printing Enterprise

Alice Mortan.(1975).**Rethinking and Symbolism.** Cambridge: Cambridge University Press.

Bascom, W .(1962). **Continuity and Change in African Cultures**. Chicago: Chicago University Press

**__________(1965). Four Functions of Folklore. Journal of American Folklore. (vol.67:1954) pp33-49.**

Ben-Amos, Dan.(1971).**Toward A Definition of Folklore in Context**. The Journal of American Folklore,84(331),3-15.

Berg B. (2001).**Qualitative Research Methods for Social Science**. California: California State University, Long Beach.

Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa. (1990). **Afoola Oromoo Tuulamaa Jildii (2). Finfinnee: commercial printing press.**

Biraanuu Hirkoo. (2003). **Biiftuu Ganamaa.** Finfinnee: Sof-Mic printing press

Bridget Somekh and Cathy Lewin. (2005). **Research Methods in the Social Sciences. London: Thousand Oaks. New Delhi: SAGE publications.**

Campell, Joseph. (2004). **The Hero With AThousand Faces.** New York: Princeton University press.

Dastaa Dassaalany. (2007). **Bu'ura Qorannoo.** Addis Ababaa: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

David E. Gray. (2004). **Doing Research in the Real World.** London: SAGE publications Ltd.

Dirribii Damussee. (2012). **Ilaalcha Oromo: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo**. Finfinnee: Mana Maxxansaa Finfinnee.

Dorsan, Richard Mercer. (1972). **Folklore and Folklife: An Introduction.** Chicago: The University of Chicago press.

Dundes Alan. (1965 ).**The Study of Folklore.** Berkley: prentice Hall Inc. FDRE. Central Statististsical Agency. (2007**). The 2007 Population and Housing Census of Ethiopia Results for Oromia Region.** Addis Ababa; Branna printing press Finfinnee: Biranena Selam printing press.

Finnegan, R. (1970). **Oral literature in Africa.** Kenya: Oxford University press.

**__________**.(1970). **Oral Poetry: its nature and significance and context.** Cambridge: Cambridge University press. **States.** Philadelphia: University of Pennsylvaniapress.

Glazer, Mark. (1997). **Structuralism. In Thomas A. Green (Ed), Folklore: An Encyclopedia of Beliefs, Customs, Tales, Music, and A(pp.773775.**California:ABC-CLIO.

Hayiluu Bantii. (1997). **Coraa Aadaa Oromoo Jimmaa**. Finfinnee: Bole printing Enterprise.

Katz, J.J. (1972). **Semantic Theory.** New York: Harper and Row

Leach Maria. (1950). **Standard Dictionary of Folklore, Mythology and Legend**. New York: Funk and Wagnalls.

Mabaya, M. (2002).**Linguistic Tabu in Africa Marriage Context**: The study of Oromo Lagu, in Nordic Journal of African Studies.

Sims C. and Stephens M. (2005).**Living Folklore: An Introduction to the Study of people and their Traditions**. Utah; Utah State University press.

Melakneh Mengistu. (2008). **Fundamentals of Literature**.Addis Ababa: Commercial Printing Enterprise.

Misganu Gulummaa. (2011). **Naatoo: Duudhaa Gaa'ela Oromoo**. Finfinnee: Subi printing press.

Negash Tolera. (2015). "Xiinxala Afoolawwaniifi Hiika Fakkoommii Sirna Gaa'elaa Naqataa Aanaa Kiiramuu." Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Kan hin maxxanfamin.

Neuman, L.W. (2007**). Basic Social Research: Qualitative and Quantitative Approaches (2nd ed.). Bost peason Edu. Cailiral IC.**

Nicholas William. (2006). **Social Research Methods**. London: SAGE publications Ltd.

Okpewho, Insidore. (1992). **African Oral Literature: Backgrounds, Characters, and continuity**. Bloomington and Indiana polis: Indiana University press.

Oring, E. (1986). **Folk Group and Folk Genres Introduction.** Logan UT: Utah State University Press

Robert, P. Gwinn, Charles, E.Swanson. (1986).**The Encyclopedia Biritannica (V8).** Chicago: The University of Chicago Press.

Sahilu Kidane (1996). **Boeanna Oromo Prose Narratives: A Contextual Study**. Addis Ababa: Addis Ababa University

Shume Damte. (2015). "Qaaccessa Faayidaa Arrabsoo Naqatanii Fuudhuu: Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Haala Aanaa Amuruu." Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Kan hin maxxanfamin.

Sweterlitch, Richard.(1997). **Inventing Popular Culture, From Folklore to Globalization.** United Kingdom: Blackwell publishing.

Todorov, Tzvetan. (1982). **Symbolism and Interpretation. Ithaca, N, Y. : Cornell University press.**

Turner, V. (1969). **Forms of Symbolic Action in R. F. Spencer Forms of Symbolic Action, Proceeding of the spring meeting. American Ethnological Society**. Seattle: University of Washington press.

________. (1967). **The Forest of Symbols**. Ithaca. N. Y. Cornell University press.

Van Gennep, Arnold .(1960). **Rites of Passage. Chicago: University of Chicago.**

Wilson, A. William. (1988).**The Deeper Necessity: Folklore and Humanities**. Journal of American Folklore, 101(400),156-167.

Woodward, Ian. (2007). **Understanding Material Culture**. Los Angeles: Sage Publications.

**ሰሎሞንተሾመ**. (2007). **ፎክሎር፧ምንነቱንየጥናተየትኩረትአቅጣጫ.** **አዲስአበባ**: **ህትመትፈርኢስትትሬዲንግኃላ.የተ.የግ.ማ**.

## Dabaleewwan

**Yuunivaristii Addis Ababaa**

**Koollejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanotaa,**

**Joornaalizimiifi Sabqunnamtii**

**Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookiloorii**

### Dabalee A

**Afgaaffii**

Kabajamoo maanguddootaafi dargaggoota aanaa Hidhabuu Abootee iddattoo qorannoo kanaa taatan hunda hojiin koo inni ijoon Sirba Wadaajii sakatta'uudha. Galma gahiinsa hojii kanaa keessatti ragaan isin irraa argamu baay'ee murteessaadha. Kanaafuu gaaffin isin gaafadhu irratti ibsa akka naaf kennitan kabajaan isinana gaafadha. Deeggarsa keessaniif dursee isinin galateeffadha.

**Gaaffilee afgaaffiif dhiyaataan**

1.Wadaajiin maali?

2.Sirbi Wadaajii hoo?

3.Ragada keessatti sirbi wadaajii yoom sirbama?

4.Kaayyoon sirba Wadaajii mali?

5.Sirbi Wadaajii yoomiifi eessatti sirbama?

6.Sirba wadaajii keessatti kennaan jaalalaa maal fakkaata?

7.Hirmaattonni sirba wadaajii ragada salaalee keessatti maal fakkatu?

8.Hirmaattonni sirba wadaajii namoota akkamiiti?

9.Faayidaan sirba wadaajii dargaggootaafi shamarree Oromoof qabu maal fakkaata?

10.Gosootni sirba wadaajii Oromoo Salaalee kanneen akkamii faa'i?

11.Yeroo ammaa kana sirbi wadaajii sadarkaa maalirra jira?

12.Gaheen hirmaattota sirba wadaajii maali?

13.Hirmaannan qeerroofi qarreen sirba wadaajii keessatti taasisan maal fakkata?

14.Ilaalcha hawaasni oromoo salaalee sirba wadaajiif qabu maal fakkaata?

15.Aadaan kun akka hin badneef akka nama tokkootti maaltu isin irraa eegama?

16.Akka nama tokkootti aadaan kun akka hin badneef deeggarsa akkamii taasistu?

**Dabalee B**

**Qabxiilee daawwannaaf qophaa'an**

1.Gaheen hirmaattota sirba wadaajii maali?

2.Sirba wadaajii keessatti wadaajiin yeroo kamiifi akkamitti dhungatama?

3.Sirba wadaajii keessatti hirmaattonni akkamitti walharkaa fuudhanii sirbu?

4.Sirba wadaajii keessatti kennaan wadaajiif kennamu kanneen akkamii fa'a?

5.Sirba wadaajii keessatti ragadni yookan shoboxeen Salaalee akkamitti taphatama?

# Dabalee c

**Sirboota wadaajii kanneen hawaasa irraa funaanaman**

1.Ejersa Annaa Jirruudhaa

yoo namni muru jiraatee

Siifan erga maaxafaatee

yoo namni dhufu jiraatee

2.Dajjaa manni lagarraa

Dajjaa galataa manni lagarraa

Sanee yoo galaanni guutee

gaafa masqalaa koottu wal agarraa

3.Salaale bahu malee

barana Salaale bahu malee

Yaa waaqi nana ajjeesinii

bakkuma garaakoo gahu malee

4.Muluu Asanuu malee

kan qawweetti fooxaa maru hin jiruu

Garaa jaalate malee

kan du'aaf ajjeechaa malu hin jiru

5.Damee harki kootidhaa

Damissee Sagguu harki kootidhaa

Namarraatti jaalachuun

na tuffiidha moo maal na gootidhaa?

6.Ejersa Annaa Jirruu

Yaa ejersa gaaddisa jabbilee

Yaa cubbuu nana gahinii

Fuullettan bahee ilaala dammilee

7.Ejersi hin falaxamuu

Dhakaraaf qottoo naaf bittu malee

Ani siif hin araaramuu

Shaashii shantamaa naaf bittu malee

8.Bishaan warra Saahilee

Kuun gibbii bu'aa kuun araadadha

Garaan kookan baranaa

Harargee kajeela maraatadha.

9.Damee yaa abbaa Biluu

Damissee Sagguu yaa abbaa Biluu

Magaalleen irboodha moo

Asiraatidha kanan siif hiruu

10.Qarree Jammiyyoo gubbaa

Leenci walqixxaatee lama ta'e

Gurraacha hin jaalatinii

Seexanatuu maraatee nama ta'ee

11.Mogee keessa naanna'ii

Kooyyaa kaasayee kooyyaa kaasayee

Si argee natti hin furuu

Qorma kee qaphee haasa’u maleeyaa

12.Bishaan Addis Ababaa

Saahinaa uree lafa seenufii

Nagaatti yaa damma too

Baaburri ka’ee ani deemufii

13.Dhakaa daaku yaa dhakaa

Daaku yaa dhakaa sarajaa Walloo

Ilkaan caama ganamaa

Goote yaa magaallee tiyya balloo

14.Dhakaan konkolaatetii

Shaggarii dhakaan konkolaatetii

Abjuudhaniin si argee

Maaf rafta kophaa conqolaatetii

15.Addis Ababaa gubbaa

Bilillee gurraattin dhibba lamaa

Atuu daa’ima tanaa

Maaltu si barsiise jibba namaa

16.Yaa Ejeree

Yaa biyya Waldee naadodhaa

Miidhagni maal godha

Tokkoffaan naatoodha.

17.Yeroon Shaggarii galuu

Karra maaramii jalattan kufee

Yaa cubbuu nan gahinii

Gorora shaggee lafattan tufee

18.Jimaan qabame hin jennee

kan qarreerra deemu jimaa mitii

Abbaa feete jaaladhu

eenyutu si argee natti himaa miti

19.Yaa kutaa koo yaa kutaa kee

kan hiddiin qabee tarsaasee

Yaa carraa koo yaa carraa kee

kan giddin addaan nu baasee

20.Yaa Ejeree

Biyya kabbadaa gaariidha

loomiin laphee si gubaa

Karameellatu gaariidha.

21.Karaa Addis Ababaa

Bunni hin darbu xaaqatu darba malee

Kiyyaafi kee kan baranaa

Namni hin argu waaqatu arga malee

22.Sorooroo korii murii

Gaatiraa sorooroo korii murii

Yeroo roobidhaa galtuu

Keessummaa fakkaadhuu gorii buli

23.Shiftaan mogor hin jiruu

Kaasahuun malee kaashuun malee

Si argee natti hin furuu

Morma kee qaphee haasa'u malee

24.Kutaa kee yaa foolisii

Qarqara lamaan kuula dhoofsisii

Si malee laman qabaa

Nama si malee hin qabne doorsisis

25.Yeroon Shaggarii galu

Yaa laga goraa sitti goranii

Budaatu si nyaate moo

Yaa shaggee qalloo sitti moranii

26.Dabaleen walii lamaa

Tokko akka diimaa magaalaatii

Kee kun jaalalaa mitii

Keessa akka miidhaa ayyaanaati

27.Dabaleen haroo jiraa

Dabalee gabaaban haroo jiraa

Ol jettee na hin ilaalinii

Ija jaalalaa keessa waa jiraa

28.Makiinaan si kuffisaa

Suutuma jedhii kori yaa mikoo

Goriitii na dubbisi

Ejeree Bonjaa jala manni koo

29.Qorqoorroon ni dhimmisaa

Mee jala galii laali yaa tumtuu

Ofii bira dabartee

Dubara ammaa jetti hundumtuu

30.Karaa Jaarsoo bu'anii

Mana aannoo yaa hirkata jimaa

Waan garaan na hojjatee

Sambattan lamaan kootu sittin himaa

31.Citaan sambaleetuma

Citaan adaree sambaleetuma

Ni rakkatte yaa Burkee

Naggasaa Badhaadhaa bareedumaa

32.Bishaan allayyaa jalaa

Walal walal gootee makoodinii

Adaraa yaa shaggituu

Wal lolle jettee naan hin oodinii

33.Yaa booyii turban Ashee

Fiicheetti baarzaafii magarsitee

Kaarruun kee kan akkami

Kan Shawaa Salaalee maraachitee

34.Bishaan allayyaa jalaa

Xiqquma dhugii miila dhiqadhuu

Mataa natti hin baatinii

Waan garaa si nyaate natti himadhuu

35.Bishaan allayyaa jalaa

Yaa kuree waraabessi booressee

Hin booyin yaa shaggituu

Addisiin dhufnaanin si moofessee

36.Dabalee galtu galii

Mana duuba teessee hin asaasinii

Garaa koo raftu rafii

Dukkana kanaan nan dhamaasinii

37.Baargamoo murtee murtee

Dalga galchitee maalin baachufii

Gabahaa hin bahin jettaa

Ashaboon dhumee maalin nyaachuufii

38.Kormaan handaaqqoo gara barii iyyaa

Na dura deemii yaa mazgabii tiyyaa

39.Shimbirroo shimbiririi,

Shimbirroo shimbiririi

Bareeda too yeruman si yaadadhee

Imimmaan kimbililii

40.Mogee keesa naanna’ii

Gaggaragalii dheedi yaa gurraa

Shaggeen tiyya yoo jettee

Shimala qaphuu koottu yaa gurbaa

41.Caffeen kun dhoqqee qaba

Randa randa tiksina hoolotaa

Shurrubbaa natti uwwisii

Morma kee jalaan natti dhaamotaa

42.Karaa Addis Ababaa

Irra deeman saanqatu reeqqisaa

Yaa warra wal jaalatee

Nyaara laali ijatu beeksisaa

43.Muluu Asanuu malee

Maaltu allayyan hurufa jedhaa

Garaa jaalate malee

Maaltu alagaadhan fira jedhaa

44.Kororimaa baalarra firee nyaatanii

Hin sobanii kooderra shaggee yaadanii

45.Karaa kiroo yaa karaa marmaaraa sanii

Wayyoo dhungoo shamarran machaaraa sanii

46.Jalduu kallee hin qabu maalin ala bulaa

Garaan halbee hin qabu maalin nama muraa

47.Adiin waaqa laaletii

Roophilaa adiin waaqa laaletii

Beenu walfudhannee gallaa

Nu lachuu magaallan Salaleetii

48.Irraan gadi bubbisee

Sambaleenni sooddoo daraaruufii

Saneenuu ji'a lamaa

Fuuldurri gannaa yoom na ilaaluufi

49.Tolaa maaru yaa tolaa

Maaru yaa Tolaa maaramii jalaa

Aduun dhiitte nan gala

Waaqa masqalii morma tee jalaa

50.Dabalee yaa Dabalee

Maaloo maaf maraatta biyyaan malee

51.Dabalee yaa Dabalee

Dabal damma nyaachuu wayyaa

Erga biyyaa bahanii fagaachuu wayyaa

51.Buleen bulbulii mitii

Qotiyyoo bulee bulbulii mitii

Dafii koottu naan jettaa

Hin dhufu garaan kan durii mitii

52.Qarree Jammiyyoo gubbaa

Koshommiin asheetee ni coccobaa

Loomiidhaan si dadhabee

Baalamaariidhaanin si sossobaa

53.Ejeree lamaan gidduu

Yaa boroborii lafa ataraa

Ilkaan kee damma kanan

Shunkurtii adii hin nyaatin adaraa

54.Ejeeretti galta moo

Kee manni gabaabudha yaa Dachaa

Shaggee tee fudhatanii

Koottu gali imimmaan xaragachaa

55.Abbayiin hin boora'uu

Abbayii Jawweetu booressa malee

Jaalalli hin moofa'uu

Jaalala dawweetu moofeessa malee

56.Bishaan allayyaa jalaa

Xiqquma dhugii amma xabalaa

Na jaalata hin se'inii

Alagaan qalbii nama safaraa

57.Sololi'aa Walloo

Baalleen kukkuulleedhaa

Eessan walagarraa

Kee manni fuulleedha

58.Darroon keeti yaa Muluu

Waanumti darroo keeti yaa Muluu

Osoo hin nyaatin gabbataa

Namni shurrubbaa kee jala buluu

59.Yaa Hoolota faranjii

Hoolota adii gugurraa sanii

Warqii itti maranii

Morma shaggituu mushurraa sanii

60.Qorqoorroon hin dhimmisuu

Maaf dhimmistaree yaa mana xajjii

Shaggituun hin muufattuu

Maaf muufatteree yaa tabalajjii

61.Warra baddaa

Yaa warra sarbaan dhiita'aa

Mucaan kale wajjin oolte

Maal siif ta'aa?

62.Walawwale Seefunii

Goofaree walawwale Seefunii

Guyyaa nama hin teessisuu

Halkan nama hin raffisu kee kunii

63.Yaa Dabalee jetti

Warri waayyuu gamaa

Mudhiin qabaa hin guuttu

Mormi taakkuu lamaa

64.Yaa Dabalee

Yaa Dabal wayyaa naaf dhayii

Wayaanillee yaa hafuu fayyaa naaf ta'ii

65.Yaa Dabalee

Yaa Dabal naggadicha koo

Kuttuu Waraabessi nyaate haadhaf ilmoo

66.Yaayyatu Yaayyaa jedhaa

Suman araadee dhufee

Sobeetan gaayyaa jedhaa

67.Qaqallisii dhayi

Gootaraa Shumburaa

Namni wal jaalate

Qotiyyoo gurguraa

Kan qotiyyoo hin qabne

Naxalaa gurguraa

68.Qotiyyootu cabsa malee

Maal ta'eet ofii caba qambarri

Si jaalatan jaaladhuu

Si jibban jibbii maali gabbarri

69.Siinii bunaa yaa siinii,

Siinii bunaa yaa siinii

Maaf allayyatti deemtaa

Gori karaan asiinii

70.Siinii bunaa

Yaa xabalatoo sin unaa

71.Shaggarii si bitanii

Yaa moqorqoraa miila kudhanii

Na fuuldura dhaabbadhuu

Akka bilillee daadhiin dhuganii

72.Shalashalee kabootaa,

Shalashalee kabootaa

Jaarsa maal itti gootaa itti naqii Sarootaa

73.Shukkaree hin uffatinii

Naxalaa shukkaaree hin uffatinii

Akkam bulte naan jedhii

Daa'ima jettee nan tuffatinii

74.Silaa shaggaran bahaa

Shaggaritti kooraa fannisanii

Silaa si jalan rafaa si jala ijoollee raffisanii

Ijoolleen yaa guddattuu

Shurrubbaa lash gootee nan dhungattuu

75.Simee manni liibanii

Baasaa Baallamii manni Adaree

Ani shaashiin siif bitaa

Kooshoo shilingiitu si mararee

76.Tulluu Salaalee jalatti irreeffatanii

Maalan godhaa sagalee hin liqeeffatanii

77.Jalduun kal'ee hin qabu maalin ala bulaa

Garaan halbee hin qabu maalin nama muraa

78.Kutaa footu qallisii

Yeruma kutaa footu qallisii

Milikkita jaalalaa

Yeruma manaa baatu wallisii

79.Kutaa koo yaa naxalaa

Ani biyya koo yaade nan gala

80.Kooran cabe kooraan keenyaa mitii

Gandi tikseen ooltu ganda keenyaa mitii

81.Muluu yaa Mulaatuu

Ilma Asanuu yaa mulaatuu

Namni araqee bare

Kooddarraa hin fagaatuu

82.Itillee warra Darraa

Yaa maraarrabii warri hin afannee

Na dhukkuba yaa shaggee

Ati maaf dhufteetoo nan gaafannee

83.Gaangeen nagaarita dhiittee

Wal agarraa yaa shaggee too

Yeroo birraan nuuf bariitee

84.Elemtuu qoraasanii

Karrayyuun elemtuu qoraasanii

Osoo akka Jabbilee

Walitti hidhanii nu bobbaasanii

85.Ejersi hin falaxamuu

Dhakaraafi qottoo naaf bittu malee

Ani siif hin araaramuu shaashii

Shantamaa naaf bittu malee

86.Darroo robe yaa muluu

Biyya kee darroo robe yaa Muluu

Osoo hin nyaatin gabbataa

Namni shurrubbaa kee jala buluu

87.Abaayyee kori ni korraa

Shurrubbaa malee daabeen ni qrraa

88.Abbaan Girmaa

Nugusa cabeen qotataa

Namni shaggee hin qabne

Yoomiyyuu fokkataa

89.Abbabachi Goobanaa

Abbabachi yaa intala Goobanaa

Bishaanin bu'a jedhii

Huubboo fudhadhuu koottu qoodanaa

90.Harooressa qabataa

Dirribaan harooressa qabataa

Abbaatu bira hin jirreef

Shurrubbaa qabee itti taphataa

91.Asaasaniitumaa damma too

Asaasaniitumaa

Tapha yoo barbaadan

Goofaree waliin dhayaniituma

92.Ayyaluun gabaabdudhaa

Adda jala shaashii marte malee

Dhungoon nama hin huuqqisuu

Wanta gidiraa sana barte malee

93.Bishaan allayyaa jalaa

Maaltu dhuga mootii shiftaa malee

Shittoo morma kee jalaa

Maaltu tuqa kootiifi kittaa malee

94.Beleshee kuulaa kuulaa,

Beleshee kuula kuulaa

Shaggituu nyaarri kuula

Garaan koo sitti na duulaa

95.Bishaan warra saahilee

Hindiris irraan gadi bubbisaa

Yoo haadhaaf abbaa qabdaa

Yaada maaltu gaayyaa si xuuchisaa

96.Ceekaan hiddaan lafa seenee

Sin dhiisuu maafan si dhiisaa

Siifan idea kana seenee

97.Gobbee jalli midhaanii

Maaltu tuqee Shaggee too

Mormi jalli imimmaanii

98.Daamaa Admaasuudhaa

Qoricha jaalalaa

Daara wal baasuudhaa

99.Mogeen diriirfataadhaa

Eenyutu tuqa shaggee too

Sabbatni hiikkataadha

100.Yaa galabaa dambooyii

Biyya ormaatan deemaa

Koottu ijibbaata booyii

101.Salaale dhooqa dhooqa

Hunduu sumaaf maraataa

Magaala ijji dooqaa

102.Yaa Dabalee jechuun

Akka maqaa barruufi

Suuraa waliin ka'uunis

Akka wal mararruuffii

103.Huummoo balallii hafee

Massafaraa naaf ergii

Bakka maleettan hafee

104.Irraangadee kaatti

Loomiin qarree

Hunduu bareeda

Kan akka kee hin agarre

105.Yaa dabalee dasaa

Shaarbiin bitee dhufaa

Shaarbii bareedasaa

106.Birbirsa warra Goshuu

Birbirsa Risaan irra taphatuu

Gadi ba'ii yaa shaggee

Si argee garaan yaa adabatuu

107.Waajju galaana daakaa

Dildila ceesisuufi

Ayyaanni kee jabaadhaa

Sitti na deebisuufi.

108.Dagami asmaraan koo

Guyyaa si biran oolaa

Halkani makaraan koo

109.Yaa dabbasaa illeentii

Sanee dullootaan eegaa

Wal agarraa qilleettii

110.Mucayyoo yaa bareedduu

Birraan dhufee si ilaalaa

Yeroo simbira eegduu

111.Asallaan ni dhaamotaa

Asallaa qorqoorroon ni dhaamotaa

Shurrubbaa natti uwwisii

Morma kee jalaan natti dhaamotaa

112.Abbaan Taklee Gaara gaararraa shallalaa

Birraan bariitee yaa makaraa jaalalaa

113.Addis Ababaa bahii

Barandaarra teessaa yaa kuruphee

Silaa si fudheen badaa

Haateteu maseena yaa shurrubbee

114.Adii yaa qaqaccinee

Roophilaa adii yaa qaqaccinee

Beenu wal fudhannee banana

Asmaraa warraa tana galchinee

115.Addis Ababaa bahii

Safara Markaatoo hin gahin malee

Abbaa feete jaaladhu

Lammata maqaa koo hin dhahin malee

116. Karaa Addis Ababaa

Irra deeman kuula maranii

Shaggituu biyya Ormaa

Hin jarjaranii suuta baranii

117.Gobbee jala dabarraa

Migira citaa caalu haammannaa

Been walfudhannee gallaa

Baabura bubbee caalu yaabbannaa

118.Ejersa duuban tuqii

Bubbeedha jedhii

Marii afaan na godhu

Buddeena jedhii

119.Girmaan kan kabbadaatii

Mormaan na jala seenii

Mudhiin kan sabbataatii

120.Yaa Dabalee yaa Dabal naggadicha koo

Dallaa cabsii koottu yaa maraaticha koo

121.Shantamee si dhukkubaa

Kan migira daarii jala raftuu

Osoo akka jaalalaa

Gaafuman du’ee na biraa hin haftuu

122.Shiboo warra kaajimaa

Yaa shiboo bishaan irra naaana’uu

Torban tokko siif obese

Kan turban lamaa kana hin danda’uu

123.Sambaleeta haamanii

Haamanii qabaa lama guutanii

Osoo ganda shaggituu

Dhaqanii torbee lama guutanii

124.Qotiyyootu miccire moo

Maal ta’eet ofii caba qambarri

Kan jaalatan jaalachuu

Kan jibban jibbuu maali gabbarri

125.Agariitti galittaa

Agarii Tulluutitti galittaa

Shaggeen tee kudha lamaa

Takkittii abdaaritti qalittaa

126.Daaman sakaallaa kute Salaale bahee

Waan ati naan jette hundumaa dhagahee

127.Yaa Dabalee yaa Dala abbaa Bacharee

Jaalalli kee amma Qarxammee qancaree

128.Osoon hin cabaatti beekee

Falaxaan mana hin ijaaruu

Osoon na diddaatti beekee

Garagareetuu si hin ilaaluu

129.Yaa titiisa baargamaa

Darabii tarkaanfatuu

Yoo si dhiisan maal qabaa

Darbanii barbaaddatuu

130.Yaa qeensa qara fardaa

Yaa haadduu areeda koo

Ati eessa qoraan dhaqxaa

Naa hin laattuu wareega koo

Maqaa odeef-kennitootaa

| Lakk | Maqaa odeefkennitootaa | saala | Bakka jireenyaa | barnoota | hojii | Beekumsa aadaa | umurii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Qiro Adinoo | du | Y/ejersaa | Q/bulaa | Q/bulaa | shaayii | 65 |
| 2 | Bulloo Misgaanuu | dhi | Y/Ejersaa | Q/bulaa | Q/bulaa | shaayii | 28 |
| 3 | Tasfaayee Mangistuu | dhi | Y/Ejersaa | Q/bulaa | Q/bulaa | Sirba | 25 |
| 4 | Mogos Misgaanuu | dhi | Y/Ejersaa | Q/bulaa | Q/bulaa | Sirba | 35 |
| 5 | Immabeet Qaanqee | Du | Y/Ejersaa | Q/bulaa | Q/bulaa | shaayii | 27 |
| 6 | Fayyeeraa Taaddasaa | dhi | Ejeree 01 | Digirii | Barsiisaa | afwalaloo | 31 |
| 7 | Warqituu Hayiluu | du | Hidhabu | Q/bulaa | Q/bulaa | afwalaloo | 32 |
| 8 | Adaanaa Balaachoo | dhi | Ejeree 01 | Q/bulaa | J/ biyyaa | afwalaloo | 26 |
| 9 | Maazaa Taayyee | du | Y/Ejersaa | Dippiloomaa | barsiistuu | afwalaloo | 24 |
| 10 | Turaa Hayiluu | dhi | Y/Ejersaa | Q/bulaa | Q/bulaa | afwalaloo | 28 |
| 11 | Asmaraa Gameessaa | dhi | Y/Alangoo | Q/bulaa | Q/bulaa | afwalaloo | 37 |
| 12 | Joobira Charuu | dhi | Y/Ejersaa | Q/bulaa | Q/bulaa | afwalaloo | 62 |
| 13 | Tasfaayee Abeebee | dhi | Y/Ejersaa | Digirii | Barsiisaa | afwalaloo | 25 |
| 14 | Dhugaasaa Jimaa | dhi | Machaaraa | Q/bulaa | Q/bulaa | afwalaloo | 29 |